# QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA MATA DUREEN ISAA QAROO DHIIGA BOOSSE JEDHUU

GAMMADAA BULCHAA GINDAABAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021
FINFINNEE

# QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA MATA DUREEN ISAA QAROO DHIIGA BOOSSE JEDHUU

QORATAAN: GAMMADAA BULCHAA GINDAABAA

GORSAAN: ADDUNYAA BARKEESSAA (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTII GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII
KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA, JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII
YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021
FINFINNEE

***Axereera***

*Kaayyoon qorannoo kanaa asoosama "Qaroo Dhiiga Boosse" jedhu keessatti fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun qaaccessu yommuu ta'u, qorannaan baay'een og-afaan Oromootiin haa gaggeeffaman malee, og-barruun barreeffamaa garuu, xiyyeeffannoo waan argate hin fakkaatu. Xiyyeeffannoon ogbarruu Oromootiif kennamuu dhabamuun ammoo sirna barumsaa ogbarruu afaanichaatiif gumaachi inni taasisus xiyyeeffannaa dhabuu danda'a. Kunis, dhimma fayyadama afaanii waan ta'eef keessumaa akkaataa barreessaan tokko afaaniitti fayyadamu sirna barumsaaf ka'umsa godhachuun kan dhiyaatedha. Malli qorannoo kanaa, mala akkamtaa iddattoo akkaayyootti fayyadamuun mala mit-carraatiin filame jira. Iddattoo kana funaanuufis, mala ibsaa fayyadamuun qaacceffameera. Malleen dubbii akkaataa isaan ergaa dabarsaniin ka'eera. Fayyadama jechootaafi mammaksootni jechoota barsiisuuf mijatoo waan ta'aniif, gosa barnoota Afaan Oromootti dabalamanii barnoota kennamu qabatamaa nitaasisu. Kan akka ciminatti ka'aamu, jechoonni bakka barbaachiseetti galuun fayyadama afaanii sirritti kan hawaasni oromoo jiruuf jireenya isaa keessatti fayyadamu ta'u isaati. Karaa biroo immoo haala yeroo isaa wajjiin walqabachuun jechoota filatamoo barreessaan asoosamaa kanaa itti gargaaramee cicciimoofi sirritti nama ibsuu danda'anitti gargaarameera. Garuu, dahabina isaa yoo ilaalle,barreessichi darbee darbee dogogora qubeefi haala fayyadama sirna tuqaalee ni mul'ata. Akkasumas barreeffama isaa keessatti jechoota namni hunduu hubachuu hin dandeenye barreessaan fayyadameera. Kanaaf furmaata ta'a jedhamee kan ilaalamu barreessaan kitaaba yeroo kitaaba tokko barreessuu ummata yookaas hawaasa biran ga'uuf yaadee giddugaleeffachuun jechoota ifoo ta'an yookaas waaltawwaatti fayyadamuun gaariidha.*

## Galata

Duraan dursee isa haala ulfaataa keessatti na gargaaree fayyaafi nagaa naaf kenne waaqa uumaa koo nana galateeffadha. Isatuu na gargaaree guyyaa kanaan na gahe.

Itti aansuun, jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaanii aarsaa gochuun utuu na hin nuffiin gorsaaf sirreeffama barbaachisu naa kennuun kan na wajjiin dhama'an gorsaakoo Dr, Addunyaa Barkeessaa galataafi kabajaan isaaniif qabu guddaadha.

Akkasumas, soddaako Amanu'eel Abbaaba baradhee sadarkaa kana akkan ga’uuf gorsaafi maallaqan kan na gargaara turan yoomuu isan hin dagadhu, galataan isiniif qabu guddaadha.

Kana malees, Obboleessaako Lammeessaa Bulchaafi kanneen kallatti garaagaraan na cina dhaabbatanii hamilee natti horuun hojii qorannakoo kanaaf gahee guddaa taphatan utuu hin galateeffatiin hin darbu.

**Baafata**

**Qabiyyee** **Fuula**

Axereera ... i
Galata ... ii
Baafata ... iii
BOQONNAA TOKKOO: SEENSA ... 1
1.1 Ariirrata Qorannichaa ... 1
1.2 Ka'umsa Qorannichaa ... 4
1.3 Gaaffilee Qorannichaa ... 4
1.4 Kaayyoowwan Qorannichaa ... 5
1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa ... 5
1.6 Daangaa Qorannichaa ... 5
1.7 Hanqina Qorannichaa ... 6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU YAADRIMEE ... 7
2.1 Yaadrimee Asoosamaa ... 7
2.2 Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti ... 8
2.2.1 Fayyadama Jechootaa ... 9
2.2.1.1 Fayyadama Jechoota Loogaa ... 11
2.2.1.2 Garaagarummaa Loogaa Sadarkaa Jechaatti ... 12
2.2.2 Fayyadama Dhamjechaa ... 12
2.3.3 Malleen Dubbii ... 12
2.3.3.1 Faayidaa Malleen Dubbii ... 14
2.3.3.2 Gosoota Malleen Dubbii ... 15
2.3.3.2.1 Akkasaa ... 15
2.3.3.2.2 Habalaka ... 16
2.3.3.2.3 Iddeessaa /Bakka buusa/ ... 17
2.3.3.2.4 Nameessa ... 17
2.3.3.2.5 Arbeessuu/Ukukkubee/ ... 17
2.3.3.2.6 Mitiyee ... 18
2.3.3.2.7 Fakkoommii ... 18
2.3.4 Mammaaksa ... 19

2.4 Sakatta'a Barruu Walfakkii ........ 19
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALAWWAN QORANNICHAA ........ 21
3.1 Saxaxa Qorannichaa ........ 21
3.2 Mala Qorannichaa ........ 21
3.2.1 Irraawwatama Qorannichaa ........ 21
3.2.2 Madda Ragaa ........ 22
3.2.3 Mala Iddaatteessu ........ 22
3.2.4 Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 22
3.3 Adeemsa Funaansa Ragaalee ........ 23
3.4 Mala Qaaccessa Ragaalee ........ 23
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE ........ 24
4.1 Seenaa Asoosama Dheeraa Qaroo Dhiiga Boosse ........ 24
4.2 Fayyadama Afaanii ........ 24
4.3 Fayyadama Dhamjechootaa ........ 25
4.3.1 Dhamjecha Hortee ........ 25
4.4 Fayyadama Jechoota Ergisaa ........ 28
4.5 Fayyadama Jechoota Loogaa ........ 29
4.5.1 Looga Sadarkaa Jechaatti ........ 30
4.6 Fayyadama Jechaa ........ 32
4.6.1 Jechoota Faallaa ........ 32
4.6.2 Jechamoota ........ 34
4.7 Fayyadama malleen dubbii ........ 36
4.7.1 Akkasaa ........ 36
4.7.2 Habalaka ........ 38
4.7.3 Hiddeessa/ Bakka buusa ........ 38
4.7.4 Nameessa ........ 39
4.7.5 Arbeessuu ........ 41
4.7.6 Mitihee ........ 42
4.8 Fayyadama mammaaksootaa ........ 44
BOQONNA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ........ 46
5.1 Cuunfaa ........ 46

5.2 Argannoo........................................................................................................ 47
5.3 Yaboo............................................................................................................ 48
Wabiilee............................................................................................................... 49
Dabalee A............................................................................................................ 50
Dabalee B............................................................................................................ 51
Dabalee C............................................................................................................ 52
Dabalee D............................................................................................................ 53
Dabalee E............................................................................................................ 54
Dabalee F............................................................................................................ 55
Dabalee G............................................................................................................ 56

# BOQONNAA TOKKOO: SEENSA

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Ogbarruun Afaan Oromoo waggoota muraasa keessatti guddina gaarii agarsiisaa jira. kan kan mirkaneessus gosa ogbarruu keessaa asoosamaafi al asoosamni adda addaa kan baayinaan tilmaaman barreessiitootaa afaan Oromootiin maxxanfamanii hawaasaaf dhihaachaa jiraachuu isaaniiti. wantoonni addunyaa kana irratti dhalli namaa bineensa irraa adda bahee akka jiraatu godhan keessaa inni guddaafi jalqabaa afaaniin dubbatee walii galuu isaati. Afaan meeshaa wal qunnaamti dhalli namaa bifa sagalee dubbiitiin ittiin walii galuudha. kun immoo, dhalli namaa bineensa irraa addaan bahee akka beekamuuf dhalli namaa filatee jireenya akka gaggeessu taasise. kanaafuu walitti dhufeenya hawaasummaa keessaatti afaanni gahee guddaa qaba.kanuma ilaalchiisee, Beekan (2015:2) akka ibsutti, "Afaan kan miseensonni hawaasaa qofti ittiin waliigalan, akka tasaa kan argamee, sagaleewwan qaamolee dubbiitiin uumaman ittiin kan dhimma bahuuf seeran kan qindaa'ee ta'uu ibsa."

Afaan barreeffamaa keessaa ogbarruun dhugaa hawaasaa keessa jiru akkuma jirutti waraabuun kan dhihaatu miti. Fakkeessuun, Mi'eessuun, haala nama ofitti hawwatuun dandeetti dhuunfaa barreessaa irratti hundaa'uun kan dhihaatuudha. Akkasumas, hawaasni tokko ogbarruu mataasaa akka qabaatu godha. Haalaa wal fakkaatuun, hayyuun Brumfitfi Carter (1996) yoo ibsan, "Biyyoota guddachaa jiran keessatti ogbarruun sirna barnootaa keessatti hammatamuun guddina afaanichaatiif gahee olaanaa qaba" jedhu. kunis, asoosamni gosa ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko waan ta'eef, akkaataa fayyadama jechootaa keessatti argamuufi qabiyyeen isaa barnoota afaanichaa keessatti hammatamuun guddina afaanichaaf gahee olaanaa gumaacha.

Asoosamni qaama ogbarruu keessaa tokko ta'ee jiruufi jireenya namaa, iccitii hawaasa tokkoo, haala ittiin bulmaataa kan ittiin ifa baasuudha. Barreessaan tokko hojii isaa keessatti qabiyyeewwan adda addaa makuun kan barreessu, wantoota hawaasa keessaa taajjabe, ilaale, adda baasee, muuxannoo seenaa dhugaa fakkeessuun kan ibsuufi namootas buhaarsaa barumsa dabarsuudha. Kanaaf, hojii kalaqaatahee dhugaa hawaasicha keessa jiru haala jiruufi jireenya hawaasichaa daawwitii ta'ee kan agarsiisuudha. kunis, barreessaan asoosama dhugaa inni ka'umsa godhatee barreessuu jechootaafi yaadota inni qindeessee ittiin miidhagsee haala miira dubbistootaa harkisuu danda'utti mi'eessee barreessuudha. Kunis, akkaataa afaanitti fayyadamuun, Barreessitoonni asoosama adda addaa kaayyoo mata mataa isaanii irratti hundaa'anii waan

barreessaniif fayyadama afaanii irratti xiyyeeffannoo kennu. Itti dabaluunis, dubbisaan tokko haala galumsa barreeffama asoosamichaa hubachuu kan danda'uu akkaataa fayyadama asoosichaa keessatti tajaajilu ergaa isaa addaan baasee yoo hubate qofaadha.

Ummanni oromoo ummata guddaa naannoo gaanfa Afrikaa jiraatudha. Ummanni kunis, ummata afaan ofii isaanii Afaan Oromoo jedhamu qabuudha. Afaan Oromoo afaan naannoo gaanfa Afrikaatti dubbataa hedduu qabaachuun beekamuudha. Itoophiyaa keessatti ummata persantii 40 caaluun dubbatama. Kebede (2009) "Afaanichi bal'inaan Itiyoophiyaa keessatti yoo dubbatamu biyyoota akka Taanzaaniyaa, Somaaliyaa, Sudaaniifi Keeniyaa keessatti akka tajaajila kennu ragaaleen ni mul'isu" jedha. Ummanni oromoo biyya itiyoophiyaa keessatti sabaafi sablammoota argaman keessaa kan jiraatuudha. Oromiyaan naannooleefi biyyoottan garaagaraatiin kan daangeffamtu yoo ta'u, kaabaan naannoo Tigraay, dhihaan Sudaan, kibbaan kaaba Keeniyaa fakkeenya tuquun ni danda'ama.

Ummanni oromoo afaan, aadaa, duudhaa, amantaafi, siyaasa mataa isaa kan qabuu uummata guddaadha. Yaada kana Baxter (1996) yoo ibsu, "Oromoon akkuma ummata kamiiyyuu addunyaa keessatti qaama muuxannoo bal'aa qabuudha" jedha. Seenaa ummata oromoo waliin dhimmoonni bal'inaan ka'an keessa tokko afaan isaati.

Afaan oromoo caasaa of danda'ee kan qabuufi afaan hojii iddilee ta'ee tajaajila olaanaa kennaa daandii guddinaafi abdachisaa irra kan jiru ta'uu isaa barreessitoota garaagaraatiin ibsame jira. Girma (2001) yoo ibsu,

> Oromo language is an officially working language of oromia, regional administrative state of the federal democratic Republice of Ethiopia. It has awriet in skript known as QUBEE which is based on the Latin orthography.Oromo writting system is used at all levels of teaching and learning (elementary, secondary, tertiary).The language is officially used for the mass media and the bureaucracy purposes, redio broad casting TV, transmission and the print media are officially running in Oromo jechuun ibsee jira

Beekumsa ilma namaa keessaa inni guddaan yaada waloos ta'ee kan biroo barreeffamaan dabarsuu danda'uudha. Barreeffamni afaan tokko yeroo barreeffamu haalli jechoota fayyadamuufi seerlugnii ittiin barreeffamu ulaagaa afaanichaa eegun iirra eegama. Abarraafi kanneen biroo, (1992:95) "Dhalli namaa barreeffamaan yaada isaa dabarfachuu osoo hin eegaliin dura

mallattoowwaan, fakkiiwwaniifi bocawwan adda addaa fayyadamuun yaada isaa dabarfachaa kan turee ta'uusaa seenaan dhalli namaa dabarsee ni mul'isa. Akkuma guddinniifi qaroominni dhala namaa dagaagaa deemeen ammoo dhalli namaa yaada isaa barreeffaman dabarfachuu eegale"jedha.

Crystal (1987:179) akka ibsutti, "Barreeffamni tokko ergaa sirrii dabarsuuf, fayyadamni seera afaanichaa gumaacha guddaa qaba" jedha. Yaadni kun afaan barreeffamaa tokko amaloota kanneen akka sirna tuqaalee, qub-guddeessaa, looga naannoofi kkf, haala gaariin keessatti hin argamuu taanaan rakkiina (looga naannoo murta'aa fayyadamuu, rakkoo qubeessuu qub-guddeessaafi sirna tuqaalee) qabaachuu kan danda'uu ta'uu mul'isa.Kanaaf barreeffamni barreeffamu tokko ergaa gaarii dabarsuuf, fayyadamni seera afaanichaa gumaacha guddaa qabaachuudha. Yaadni armaan olii afaan barreeffamaa tokko amaloota kanneen akka haala qindaa'ina himootaa, jechoota looga naannoofi seera fayyadama afaanii haala gaariin keessatti hin argamuu taanaan rakkina qabaachuu kan danda'uu ta'uu agarsiisa.

Afaan Oromoo guddina irra jiru cimsee itti fufuun akkuma afaanoota biroo afaaan qorannoo, afaan saayinsiifi qo'annoo akka ta'uuf, wantoonni barreeffaman kunniin qulqullaa'uufi sakattaa'amuu qabu.Wanti qabataman mul'atu fayyadama afaanii irratti, asoosamoonnii afaan oromoon barreeffaman hanqinni akka jiru agarsiisa. Hanqina kana hambisuuf, qorannoowwan fayyadama afaanii irratti hojjeetaman barbaachisoo waan ta'aaniif, kanuman walqabate qorannicha keessatti itti fayyadama afaanii ilaaluun murteessadha.

Fayyadama afaanii jechuun seera xinqooqaa afaanii keessatti haala hojiirra oolmaaxiimsagaa, xiinjechaa, xiinhimaa, xiinhiikaafi loogawwaan garaagaraa ittiin hawaasa tokko keessatti hubatamaniidha. Akkasumas, afaan hawaasni dhimma tokkoof kennuuf maal maaliin walqabsiisee akka ibsu kan calaqqisiisudha. keessumattuu seera fayyadama afaanii keessatti waan ibsuu barbaadamee maalittii dhimma bahamanii akka ibsaman kan ifa taasisuudha. Dabalataniis, jiruuf jireenya hawaasummaa keessatti dhimmi tokko yeroo ibsamu, darbuufi taa'uu afaanitti fayyadaman garaagarummaa qabaachuu danda'a. kunis haala waamichaa yookiin moggaasa wan tokkoo keessatti afaan itti fayyadaman jiraachuu danda'a. kun immoo akka walii galatti fayyadama afaanii jedhama.

Beekan (2015:2-7) “Dhimmoota siyaasa, dinagdee, amantii, aadaafi hawaasummaa keessatti, fayyadamni afaanii haala garaa garaan waamamuu danda'a. kallatti kanbiroon immoo fayyadamni afaanii, jiruuf jireenya dhala namaa keessatti komii, shakkii, jajuu, mormii, bashannana, gadda, gammachuufi wantoota kana fakkaataan hawaasni ittim dhimma bahuudha. kanaafuu fayyadamni afaanii jireenya dhala namaa keessatti, dhala namaa irraa osoo adda hin bahin kan jiraatuufi jireenya guyyuu dhala namaa wajjiin kan walsimatudha” jedha.

Ogummaa fayyadama afaanii barreessaa tokko tilmaamuuf qorannoon fayyadama afaanii irratti gaggeeffamu ga’ee olaanaa qaba. Kanuma irraa ka’uudhaan qorannoon kunis, fayyadama afaanii kitaaba asoosama **Qaroo Dhiiga Boosse** jedhu keessatti argamu ija fayyadama afaanii yookiin xinqooqaatin maal akka fakkaatu qaaccessu irratti kan xiyyeeffateedha.

## 1.2 Ka’umsa Qorannichaa

Barreessaan tokko afaanitti fayyadamun sirna barumsaatiifis ta'ee kitaabilee isa booda barreeffamaniif gumaacha qabaachuu danda'a. Kanaafuu, qorataan kanarratti gaggeessuuf kan kakaase asoosama **Qaroo Dhiiga Boosse** keessatti fayyadama afaanii dhihaate qaaccessuun gumaacha taasisuu danda'aa abdii jedhuudha. Kana malees, gara fuula duraatti xiyyeeffannoon barreessitootaafi dubbiistoota ogbarruu barreeffamaa keessaa asoosama irratti akka xiyyeeffatan gochuu danda'a. Hubannaa kanarra ka'uun , xiyyeeffannoo qorataa harkiseetti hojii barreessaa Mootii Mootummaa Abdii fayyadama afaanii asoosama isaa irratti gaggeessuuf kaka'e. Kanas, asoosamni kun gama fayyadama afaaniitiin qaacceffamnaan gumaacha inni barnoota irratti qabuu addaan baafachuu irratti gahee taphata.

## 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

- Asoosama ***Qaroo Dhiiga Boosse*** jedhuu keessatti barreessaan jechoota akkamitti fayyadamee?
- Haalli fayyadama dhamjechootaa asoosama **Qaroo Dhiiga Boosse** jedhu keessaa mal fakkaataa?
- Malleen dubbii fi maammaksa asoosama **Qaroo Dhiiga Boosse** keessa jiran maal ibsuuf galan ?

### 1.4 Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa fayyadama afaanii asoosama mata dureen isaa **Qaroo Dhiiga Boosse** jedhu qaaccessuudha. Kaayyoon gooree ammoo:

- Asoosama "Qaroo Dhiiga Boosse" jedhuu keessatti barreessaan jechoota akkamitti akka fayyadame ibsuu.
- Haalli fayyadama dhamjechootaa asoosama "Qaroo Dhiiga Boosse" jedhu maal akka fakkaatu ibsuu.
- Malleen dubbii fi maammaksa asoosama "Qaroo Dhiiga Boosse" keessa jiran maallif akka galan ibsuu.

### 1.5 Barbaachisummaa Qorannichaa

Dhimmi qorannoo kanaa haala fayyadama afaanii asoosama ‘*’QAROO DHIIGA BOOSSE’’* keessatti barreessaan gargaaramee qaaccessuun rakkoowwan seera afaaniin walqabatan asoosamicha keessatti ilaaluun xinxaluudha. Kun immoo barreeffamoonni barreeffamaa jiran seera afaan ittiin barreeffamanii eeguun akka barreeffamaniif ga’ee guddaa qaba. Kana malees,

- Namoonni barreeffamoota asoosama barreessaan barreeffama isaanii keessatti haala fayyadama afaanii sirrii ta’eetti akka fayyadamaniif gargaaruu ni danda’a.
- Gama fayyadama afaanii irratti rakkoon jiruu furmaata yoo argatee guddina barreeffama afaan oromoof bu’aa buusuu ni danda’a.
- Namoonni dhimma mata duree kana waliin walfakkaatuu irratti qorannoo gaggeessaan akka ka’uumsatti itti gargaaramu ni danda’u.
- Qorataan barreeffama kana ka’umsa godhachuun qorannoo kanbiroo qoratuuf ni gargaara.
- Asoosama keessatti namoota fayyadama afaanii beekuu barbaadaniif ammoo ciicata akka ta’uuf qoratamee barreeffamaan akka taa’uuf gargaara.
- Fuula duratti namoota qorannoo gaggeessuu barbaadaniif ka’umsa ta’u danda’a.
- Kanneen barreeffama asoosamaa kana keessatti hin sakatta’amne akka sakatta’aamaniif gargaara.

### 1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun fayyadama afaanii asoosama “Qaroo Dhiiga Boosse” qaaccessuu irratti xiyyeeffata. Asoosamni **Qaroo Dhiiga Boosse** jedhuu kun maxxansa jalqaba bara **2005/2013** maxxanfamee gabaaf dhiyaate. Fayyadamni afaanii asoosama kana keessatti qaacceffamees, jechoonni barreessaan dhimma itti bahee jechoota akkamii akka ta’an barreessaan asoosamicha

keessatti itti gargaarame, haala fayyadama jechoota looga, haala malleen dubbii fi mammaaksa barreessaan itti fayya dame irratti kan xiyyeeffatuudha. Haata’uuti, fayyadamni wantoota seera xinqooqaa keessa jiran mara hammata. Xiinqooqni immoo yaadrimeen isaa bal’aa waan ta’eef yeroo tokko keessatti qorachuun yeroos ta’e maallaqa guddaa gaafata. Akkasumas, waa’ee afaanii al tokkotti qoratanii bira ga’uun rakkisaadha. Sababa kanaaf mata duree daangessuun barbaachisa. Dabalataanis, afaan barreeffamoota kam keessattiyyuu bu’uura. Kanaafuu, asoosamni afaan Oromoo hedduudha. Al tokkotti barreeffama yookiin fayyadama afaan isaanii xiinxaluun, sakatta’uun waan hindanda’amneef, qorataan mata duree isaa akka daangessu dirqameera.

Og-barruun Oromoo bal’aafi damee baayyee kan of-jalatti hammatuudha. Asoosamni afaan Oromoo baayyeen asoosama afaan adda addaan barreeffamaa jiran hunda irratti osoo qorannoon geggeeffamee bu’aan irraa argamu guddaadha. Haa ta’u malee, hanqina yeroofi maallaqaa irraan kan ka’e qorannoon kun karaa lamaan daangeffameera. Kunis yeroofi qabiyyeetiini. Asoosamni barreessaan Mootii Mootummaa Abdii barreesse keessaa sababa hanqina yeroofi maallaqaa irraan kan ka’e asoosama mata dureen isaa **Qaroo Dhiiga Boosse** jedhu maxxansa jalqabaa 2005/13 irratti kan geggeeffame yoo ta’u, gama qabiyyeen immoo fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun kan qaacceffameedha. Akkasumas, yaaxinaalee asoosamni tokko ittiin xiinxalamu keessaa fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun asoosamichi daangeffameera.

### 1.7 Hanqina Qorannichaa

Hojiilee hojjetaman kamiyyuu hojjeetanii xumuruuf rakkoon adda addaa nama mudachuu danda'a. kun immoo hojii qorannoo keessatti akka qorannootti ilaalamuu danda'a. Hanqinoota jiran keessa tokko hanqina yerooti. Inni kuns, yeroon itti qorannoon gaggeeffamuu, yeroo barnootaa waan ta'eef, qorannoo kana akka barbaadameetti hojjechuuf gufuu ta'uu danda'eera. Inni kaan immoo hanqina kitaabileeti. Kunimmoo, barruuleen adda addaa waa'ee afaanii kaasan akka barbadamanitti argamuu dhabuu isaaniiti. Kanumarraa ka'uudhaan qorataan qorannoo kana yemmuu gaggeessuu hanqinoonni yeroo, baasii maallaqaafi wabiilee mudataniiru. Haata'uu malee, hanqinoota kanneeniif furmaata barbaaduun qorannoo isaa gaggeessera. Kunis, hanqina yeroo, yeroo qabu qoqqoodee fayyadamuun, baasii mallaqaa ammoo, gargaarsa firootaafi hiriyyoota irraa waan argatu ittiin hojjechuufi hanqina wabiilee kitaabilee jiranitti haala barbaachisummaa isaatiin dhimma bahuun furmaata argateera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU YAADRIMEE

Boqannaa kana keessatti barruuwwan qorannoo kanaan wal-qabataniifi aantee ta'an kanaan dura kan hojjetaman of-keessatti hammata. Haaluma kanaan, boqonnicha keessatti, yaadrimee asoosamaa, fayyadama afaanii asoosama keessatti, fayyadama jechootaa, dhamjechaa, malleen dubbii, jechamootaafi mammaaksa duraa duubaan wabii waliin ilaalamanii jiru.

Og-barruun hojii kalaqaa kan barreessaan bareechee barreessuufi kan hawwasni afaaniin dubbatee sammuutti yaaduun, qabachuun, duubatti aggaammachuun, fuulduratti yaaduun barreessaniifi haasa'aniidha. Yaaduma kana deggeruun Gumii Qormaata Afaan Oromoo (1995:1) og-barruu yommuu ibsu,

Afaan qabeenya dhalli namaa ittiin yaada isaa ibsatuufi ittiin walii galu, isa olaanaadha. Innis akkaataa miidhagina qabuun afaanitti tajaajilamaa yaada, fedhii, amantiifi falaasama qaban, akkasumas, dhugaa jireenya hawwaasaa hunda ibsuu yoo danda'amu haala kanaan afaanitti fayyadamuunis ogummaa yookaan aartii ta'a. Aartiin kunis og-barruu dha jedha.

Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti og-barruu jechuun ilaalcha, falaasama, amantaafi fedhii hawwaasa tokkoo haala miidhagina qabuun kan ibsuudha. Og-barruunis waan bareeffamaniifi kan hinbarreeffamin of-jalatti hammata.

## 2.1 Yaadrimee Asoosamaa

Asoosamni dameewwan og-barruu keessaa tokko ta'ee, tooftaa barreessuu namoonni dhugaarratti hundaa'uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul'isaniidha. Kalaqni barreeffamu sunis dhugaa addunyaa kanaa hordofee kana deemuudha. Waa'ee asoosamaan wal-qabatee Fedhasaan (2013:67) akkas jechuun hiika. "Asoosamni argaa yaadaa barreessaan kalaqamee suura jireenyaa keesstti kaasee kan mul'isuudha" jedha. Akka yaada kanaatti mudannoofi mufannoo namni tokko haala jiruufi jireenya isaa keessatti mul'isuuf sammuu barreessaa keessatti kalaqamee bifa ittiin dhiyaatuudha. Karaa biraatiin, asoosamni dhugaa hawwaasa keessaa bu'uureffachuun kalaqa sammuu barreessaa kan dabalatuudha. Kana ilaalchisee Asafaa (2009:125) yoo ibsu, "barreessaan asoosama tokkoo dhugaa jiru irratti hundaa'ee amala sansakkaa/personality/ hubannoofi kkf namoonni hawwaasa keessatti qaban sana qooddattoota uffisee ergaa isaa kan dubbistootaaf ittiin dabarsuudha" jedha. Kana jechuun wanti hawwaasa keessatti calaqqisu asoosamaan ibsama. Seeneffama tokko tokko keessatti guutumman guutuutti dhugummaan isaanii amansiisuu baatus

dhugaa irratti kan hundaa’aniifi gamisaan dhugaa kan ta’an, fakkeenyaaf, hojii kalaqa sammuu kanneen seenaa darbe irratti xiyyeeffatanii barraa’an asoosama keessatti hammatamuu malu.

**2.2 Fayyadama Afaanii Asoosama Keessatti**

Jiruufi jireenya dhala namaa keessattis ta’e barreeffama keessatti barbaachisaadha. Afaan wanta ilmi namaa ittiin walii galuufi ittiin yaada isaa waljijjiiruudha. Dhalli namaa yaada waljijjiiree kan walquunnamu afaanitti gargaarameeti. Afaan kun immoo haala dubbiifi barreeffamaan nu gargaaruu danda’a. Yaaduma kana deggeruun Clark(1996a) akkajedhutti, “afaan kan qo’atamu haala caasaafi fayyadama isaatiini” Kana jechuun caasaa afaanii yommuu jedhamu qaaccessa xiinsagaa, xiinjecha, xiinhimaafaanichaati. Fayyadama afaanii qo’achuun xiinqooqa qo’achuu waan ta’eef qo’annoon fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti. Kanaafuu, qo’annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa qoratuudha.

Afaan ta’iiwwan ilmi namaa ittiin walii galuufi ittiin yaada wal-jijjiiruudha.Haa ta’u malee, ilmi namaa haalli ittiin afaan fayyadamee ittiin walii galuufi ittiin ergaa wal-jijjiirratu garaagara. Garaagarummaan kunis fayyadama afaanii jedhama. Sababni isaas, fayyadamni isaas fayyadama afaanii sanaan murtaa’a. namoonni afaan tokko fayyadamanii yommuu ergaa dabarfatan dhimma dabarfataniifi ergaa dabarfatanirratti hundaa’uun afaan tokko keessaa looga filachuuniifi afaan biraa irraa jechoota ergifachuun itti fayyadamu. Yaaduma kanaan kan wal-fakkaatu namoonni haala kanaan fayyadamuufis haalli hawwaasummaa isaan keessa jiran dhiyeenyiifi fageenyi kaayyoo isaan hawwaasummaa waliin qaban murteessummaa qaba. Gama biraatiin fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaan iddoo adda addaa keessatti qabuudha. Haala kana clark(1996b) yoo ibsu, “fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaadha” jedha. Kanaafuu, hojiin fayyadama afaanii irratti hojjetamu, garaagarummaa haala xiinqooqaafi hawwaasummaa jiru adda baasuufi ibsuu rratti xiyyeeffachuu qaba. Kunis fayyadamni afaanii wal-quunnamtii inni hawwaasaa wajjin qabu laayyoo miti. Kanas fayyadamtoota dhuunfaatii kaasee hanga hawwaasa bal’aatti jiru jechuun ni danda’ama. Haaluma kanaan, Isuma(1996) gama isaatiin “faayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawwaasa waliin qaban kan agarsiisuudha” jechuun ibsa. Fayyadamni afaanii adeemsa nama dhuunfaafi hawwaasaa kan hammatuudha. Kunis yaadrimee fayyadama afaanii haala hawwaasaa kamiyyuu keessatti beekumsa ga’aa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba. Kanas wal quunnamtii hawwaasichaa faana hariiroo qabaachuu isaati.

Fayyadama afaanii yoomessa murtaa'e tokkotti raga bay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman haala akkamii keessatti akka dubbataman ilaalchaafi amantii afaanicha irratti namni sun qabu kan hammatuudha. Wolff (2000) "fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka: yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuun, eenyuuf, gaaffilee xiinqooqa hawwaasaan wal-qabatan kaasuun hubachuun ni danda'ama" jedha. Kana jechuun afaan hawwaasni fayyadamu haalawwan akkamiifi yoomessa akkamii keessatti akka gargaaramuun danda'amu kan mul'isuudha.

Afaan karaa ergaa ittiin dabarfatan keessaa karaa ijoo waan ta'eef hojii kalaqa sammuu ilma namaa keessatti ga'ee guddaa taphata. Hojii uumee og-barruun tokko dubbistootaaf dubbifamuufi dhiisuu, akkasumas, jaallatamummaa hawwaasa biratti argachuufi dhiisuun isaa kan ittiin beekamu yookiin madaalamu fayyadama afaaniitiini. Hojii kalaqa sammuu og-barruu keessatti miidhagina jechuun, barreeffamoota walitti fidanii hima ijaaruu miti. Jechoonni hammam kan barreeffaman ta'aniyyuu barreessaan jechoonni inni fayyadame kan ergaa namaaf dabarsu, akkasumas, miira dubbistootaa naaf haahawwatu jedhee kan barreessuudha. Sababni isaas, hojii uumee og-barruu hawwaasaa keessatti tajaajila barbaadame dabarsuuf itti fayyadama afaanii yoo sirriitti fayyadameedha. Kanaafuu, barreessaan og-barruu karaa adda addaatiin afaanitti fayyadamuufi ga'umsa cimaa ta'e qabaachuutu isa barbaachisa. Yaaduma kana ilaalcisee Jaalalliin (Zarihuun, 1995) wabeeffachuun yoo ibsitu,

> Barreessaan dandeettii olaanaa ta'e isa barbaachisa yommuu jedhamu, karaa biraatiin yaada isaa sirriitti haala ifaafi nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu danda'uu qaba jechuudha. Akkas gochuuf immoo amala jechootaa, haala ga'umsa isaaniifi akkaataa uumama isaanii beekuu qaba. Hiikaafi miidhagina jechoonni haala adda addaa keessatti galuun kennuu danda'an beekuutu irra eegama. (Jaalallii, 2002:12)

wanti yaada kanarraa hubatamuu danda'u barreessaan kalaqa hojii og-barruu tokko kan kufu itti fayyadama afaanii yoo sirriitti beekuu baateedha. Akkasumas, dandeettiin fayyadama afaanii isaa dadhabaa yoo ta'eefi haala kam keessatti jecha kam fayyadamuu yoo baate hojiin isaa fudhatama qabaachuutu isarraa eegama jechuudha.

### 2.2.1 Fayyadama Jechootaa

Wanti barreeffame tokko haalaan qindaa'ee hiika akka kennu gochuuf, akkasumas, miira dubbisa akka harkisuuf jechoonni fayyadamnu murteessaadha. Jechoonni kunis bifa garaagaraan hima yookaan barreeffama keessatti argamuu danda'a. Isaan kunis: hiika wal-fakkiin, hiika galumsaan,

hiika faallaa, hiika sirriifi dhokataa, akkasumas, bifa jechamaan ta'uu danda'u. Barreessitoonni tokko tokko naaf ta'a jedhanii jechoota kalaqanii yoo barreessan ni mul'ata. Haa ta'u malee, maaliif barreessaan jechoota akkasiitti gargaarame jedhanii qeequun hindanda'amu. Garuu, jechoonni uumaamaan barreessaafi dubbisaa gidduutti walii galtee ogummaa og-barruu akka hinballeessine of-eeggachuun barbaachisaadha. Kana malees, ergaa dabarsuu barbaade dubbistoota isaa biraan ga'uuf jechoota gargaarame adda baasee beekuu qaba.

Jechi qindoomina sagalee irraa kan uumamu hiika isa sirrii kan qabu kutaa caasaa afaanii keessaa isa tokkoodha. Sagaleewwan afaan tokkoo dubbifamaafi dubbachiistuu waliin ta'uun jecha uumu. Jechi kunis caasaa afaanii sagaleewwan irraa uumame sana eeguun unka mataa isaa kan qabuudha. Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu Addunyaan (2018:35) yoo ibsu, "Jechi qindeeffame dhaamsa guutuu birsagootaafi dhamjechoota kan unkaalee hiika tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaatuuf of danda'ee dhaabbatuudha. Gama biraatiin, bakka bu'aa muuxannoo hawwaasa tokkooti. Muuxannoon hawwaasa tokkoo immoo baay'ina hawwaasichaa, amala isaa, siyaasa isaafi wkf bu'uureffata" jechuun ibsa. Wanti yaada olii irraa hubatamu jechi qindaa'ina sagalee irraa kan uumamu kan hiika tokkoofi lamaa ol qabaachuu danda'u ta'ee hawwaasa tokko keessatti bakka bu'aawwan tokko kan ta'eedha. Beekan (2015:240) yoo ibsu, "jechi qindaa'ina sagalee ta'ee kan hiika guutuu qabuudha. Jechi mallattoolee sagalee dubbiitiin seera barreeffama afaanii eegee akkaataa hiika qabaachuu danda'uun wal faana bu'ee kan ijaaramuudha" jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti jechi qindaa'ina sagalee irraa uumamuun hiika guutuu kan qabu ta'ee, mallattoolee sagalee dubbiitiin seera barreeffama afaanii eegee kan ijaaramuudha.

Fayyadama jechaa ilaalchisee akka itti aanutti yoo ilaalle afaan karaa yaada ittiin dabarfatan keessaa isa ijoo waan ta'eef hojii uumee keessatti ga'ee guddaa taphata. Qabiyyeen og-barruu tokkoo dubbistootaaf ifa ta'uufi ta'uu dhiisuun, akkasumas, hojichi cimaa ta'uufi ta'uu dhiisuun isaa kan madaalamu karaa afaaniitiini. Hojii uumee keessatti miidhagina jechuun kuufama jechootaa miti.

Barreessaan tokko hojii og-barruu isaa rakkoo malee akka ofii barbaadu gochuuf baay'ina jechootaa yookaan jechootaan kan badhaadhe ta'uu qaba. Baay'ina jechootaa qabaachuu qofti garuu yaada ofii sirriifi akkaataa ifa ta'een dabarsuu dhiisuu danda'a. kana jechuun jechoota hiika sirrii kan jennu jechi tokko uumamaan hiikni isaa kan beekame, kan namni hunduu ittiin walii gale moggaasa ganamaa jechuu yoo ta'u, hiikni dubbii immoo jecha hiika sirrii irratti rarra'ee kan

muuxannoo uummataa wajjin deemuudha. Haaluma kanaan, fayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisoo bakka barbaachisaatti gargaaramuu danda'a. karaa biraatiin, jechoonni qofaa dhaabbatanii ergaa ifa ta'e dabarsuu dhiisuu danda'u. sirrii yookaan sirrii miti jechuun hindanda'amu. Ergaa guutuu dabarsuu kan danda'an barreeffamicha keessa galaniidha. Sirriifi sirrii ta'uu dhiisuu isaanii kan ittiin beekamu bakka galanitti ergaa dabarsuufi dhiisuu isaanii ilaaluuni.

Jechoonni akkataa ittiin barreeffama keessatti hiriiraniin ergaa isaan qaban garaagara ta'uu danda'a. Jechi tokko bakka hinbaramne yommuu galu hiika haaraa akka qabaatu beekamaadha. Kanaaf barreessaan jechoota filachuurratti jechoonni bakka galanitti ergaa sirrii dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu qaba. Haaluma kana qorataan fayyadama jechootaa caalmaan asoosamicha keessatti argaman kanaa gaditti ibseera.

Fayyadama jechootaa keessatti filannoon jechaa murteessaadha. Jechoota duraan fayyadamnu caalaa jechoota muraasa fayyadamuun yaada ifaa ta'e dhiyeessuu waliin kan wal qabatuudha. Hawwaasa keessattis jiruun wal qabata. Kanumaan wal qabatees, kitaaba asoosama **Qaroo Dhiiga Boosse** keessatti fayyadamni afaanii kanneen akka: filannoo jechootaa adda addaa fayyadamuun mul'ata. Og-barruu keessatti filannoon jechootaa murteessaadha. Kunis asoosamoota afaan Oromoon barreeffaman keessatti filannoon jechootaa kan jiruufi jireenya hawwaasa tokkoo sirriitti ibsuufi itti gargaaramnuudha. Karaa biraatiin, filannoon jechootaa barreeffamni tokko hawwataafi miira dubbistootaa harkisuu akka danda'u kan godhuudha. Barreessaan barreeffama isaa keessatti kana hinfayyadamu taanaan barruun isaa dhama dhaba; nama hinharkisu. Bu'uurri afaanii jechoota waan ta'aniif afaaniin yaada ofii ibsachuuf qindoomina jechootaa wal hidhiinsi jechootaa barbaachisaadha.

#### 2.2.1.1 Fayyadama Jechoota Loogaa

Loogni jechoota giddu-galeessummaadhaan wal ta'anii galmee jechaatti dabalamuuf hingeenye ta'uuf garaagarummaa jechootaa namoota afaanicha dubbatan gidduutti mul'atu. Garaagarummaan jechootaa kunis jechi tokko naannoo garaagaraatti hiika adda addaa qabaachuun yookaan jechi garaagaraa hiika wal fakkaatu qabaachuun kan itti fayyadamaniidha. Loogni sababoota dinagdee, umurii, dhimma hojii, sadarkaa barnootaa, aangoo siyaasaa, naannoo jireenyaa, weeraramuu, sababa godaansaafi walitti makamuu uummataa irraan kan ka'e hawwaasa afaan tokko dubbatu gidduutti uumamuu danda'a.

#### 2.2.1.2 Garaagarummaa Loogaa Sadarkaa Jechaatti

Afaan Oromoo keessatti sadarkaalee garaagarummaan loogaa itti uumamu keessaa sadarkaan jechaa isa tokkoodha. Kunis jechoonni afaan Oromoo Oromiyaa keessatti dubbataman naannoo adda addaatti garaagarummaa kan qaban ta'uu agarsiisa. Kana jechuun jechi tokko hawwaasa naannoo adda addaa jiraatu biratti hiika adda addaa qabaachuu danda'a. Jechi garaagaraas hiika wal fakkataa qabaachuu danda'a.

### 2.2.2 Fayyadama Dhamjechaa

Jechi tokko dhaamsa yookaan ergaa tokko yookaan tokkoo ol of keessa qabaachuu ni danda'a. Jechi tokko dhaamsawwan tokkoo ol yoo of keessaa qabaate, unkawwan, dhaamsawwan adda addaa agarsiisan addaan baafatanii beekuun ni danda'ama. Unkaan kan dhaamsa tokko qofaa qabu dhamjecha jedhama. (Geetachoo, 2008:60)

> Dhamjechi dhaabbataafi hirkataa jedhamuun bakka lamatti qoodama. Dhamjechi hirkataan dhaamsa inni qabu yookiin wanta inni bakka bu'u ifaan kan mul'atu yommuu inni jechatti maxxanee galuudha. Barreeffama keessatti dhamjechi tokko hirkataa ta'uu isaa sarara xiqqaan(-) gara bitaa gara mirgaatti itti maxxansuun agarsiifama.

Jecha dhaamsa tokko qofaa qabu dhamjecha dhaabbataa yookaan of danda'aa jedhama. Dhamjechi hirkataan jecha ta'uu hindanda'u. Dhamjechi hirkataan afaan Oromoo keessatti gosa lamatu argama. Isaanis dureefi duubee jedhamu.

Namni tokko dhamjechoota of danda'oottis ta'e hirkatootti yommuu fayyadamu, of eeggannoodhaan ta'uu qaba. Sababni isaas, keessumaa dhamjechoonni hirkatoon qofaa isaanii osoo jechatti hinmaxxanin hiika hingodhatan. Kanaafuu, dubbisaan dhamjechoota kana yeroo qofaa isaaniitti dubbisu dogoggora hubannoof saaxilamuu yookaan ergaa barreeffamichaa sirriitti hubachuu dhiisuu danda'a. Kanaafuu afaan keessatti keessumaayyuu barreeffama keessatti yeroo dhamjechatti fayyadamu haala fayyadama isaanii sirriitti beekuu qaba.

### 2.3.3 Malleen Dubbii

Malli dubbii djimma tokko kan ibsu haala galumsaafi hiika jechootaa yookaan gaaleewwanii kan barataman irraa bifa adda ta'een yookaan yaadaa addaafi filatamaa ta'een cimsee kan ibsuudha. Malleen dubbii jechuun gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta'ee barreeffamni tokko yookiin haasofni tokko sammuu dhala namaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hin'irraanfatamin akka turuuf kan gargaaruudha. Malleen dubbii haasawaafi barreeffama keessatti

akka itti fayyadamnu kan ibsuudha. Kana jechuun maanguddoonni haasawaa taasisan keessatti malleen dubbiitti akka gargaaramaniifi wanti dubbatan sun sammuu namaa keessatti osoo hindagatamin akka turuuf akka tajaajilu hubachuun ni danda'ama. Karaa biraan immoo, barreeffama ammayyaa keessattis malleen dubbii yaadni barreeffama sanaa dubbistoota biratti akka fudhatamummaafi beekamtii argataniif akka tajaajilu hubachuun kan danda'amuudha. Kanaafuu, akka walii galaatti malleen dubbii barreeffamaafi dubbii keessatti bakka olaanaa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

Namoonni kan ilaalan, kan dhaga'an, kan qaqqaban, kan dhamdhaman, sammuu isaanii keessatti wanti fakkii uumee nama biraatti himuuf miira isaanii nama biraatti kan itti hiran qaama dubbiiti. Malli dubbii haala amala tokkoo, miira nama biraatiifi bineensa biraaf kennuun yookaan wak fakkeessuun, wal dogomsiisuun dhiyeessa. American Encyclopidia(1985:195) "waa'ee mala dubbii yoo ibsu, malli dubbii og-barruu keessatti karaalee adda addaa fayyadamuun ergaa barreessaaf darbuu barbaade haala ifaafi cimina qabuun akka darbu qaama godhuudha. Malli kunis og-barruutti miidhagina kan uffisu ta'uu isaa kan irraa hubannuudha" Dabalataanis, kitaabuma kana keessatti akka kaa'utti "malli dubbii akkaataa yookaan bifa waan ibsan ta'ee kan jecha sirrii yookaan tartiiba hima isa sirriifi hiika jechaa baramee irraa maqsuun dhiyaatuudha. Kunis kaayyoon isaa dhiibbaa addaa uumuufidha". Yaada kana yommuu ilaallu, walii galteen duraan namoonni qabaniifi akkaataan isaan ittiin walii galan haala idileerraa gara al-idileetti jijjiiruun akka ta'eedha. Kanuma ilaalchisee, Shaw (1972:160) akka kaa'etti, "Jechoonni hiika kallattiin ala qabaniin wantoota biraa yoo ibsan kan uumamuudha" jechuun kaa'eera. Yaadni kun kan agarsiisu jechoonniifi gaaleewwan hiika kallattiin qabaniin alatti wanta biraa bakka bu'u walitti dhufeenya isaan gidduu jiru ibsuufi amala tokko

wanta biraan buusuu yaadni keenya akka ifa ta'u godhu. Kunis ergaan himichaa sammu dubbisaa yookaan dhaggeeffataa keessatti fakkaatti uumuun salphaatti akka hubatamu nu gargaara. Karaa biraatiin, malli dubbii ergaa darbu tokkoof ciminaafi si'aa'inummaa yommuu kennu argina. Akkasumas, galumsa hiika jechaa yookaan gaalee kan barame irraa maqsuun yookaan adda gochuun yaada darbu sanaaf xiyyeeffannaa kennuudha. Ergaan sun ergaa laafaafi xiyyeeffannoo salphaa kan kennu osoo hintaane, kan dhimma sana gadi fageenyaan xiyyeeffannee ilaallu ta'uu isaati. Ergaan darbe sun yoo tures haaromee sammuu keenyatti akka yaadatamu gochuu danda'uu isaati.

Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee ergaa barbaachisaa ta'e haala dubbisaan gadi fageessee hubatutti kan dhiyeessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaa keessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf ittiin fayyadama. Haaluma kanaan, barreeffama asoosamaa keessatti bifa garaagaraan kaa'a. Akkasumas, barreessaan jechoonni hiika dhokataa akka qabaatan gochuun og-barruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa uumuun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannoo hiika jechoonni kallattii qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama. Jechoonni haala kanaan fayyadanis malleen dubbii jedhamu.

Hojiiwwan uumeefi kanneen biro keessatti akkasumas, barreeffamaafi af-quunnamtii keessatti malli dubbii faayidaa adda addaa qaba. Yaada kana American encyclopedia (1985:195) akkas jedha. "barreeffamaafi af-quunnamtii keessatti faayidaan malli dubbii qabu hiika ifoomsuu, fakkeenya sirrii ta'e kennuu, yaada cimsuu, kan lubbuu hinqabnetti lubbuu horuu, yaadni darbu sun akka dinqisiifatamuufi miidhaguuf gargaara" jedha. Gama biraatiin, malleen dubbiitti kan fayyadamu dubbattootaafi barreessitootadha. Kunis kan dubbatu dubbisa keessatti, kan barreessu ammoo barruu isaa keessatti fayyadama. Kana jechuun dubbiin nama sanaa akka miidhaguufi dhama qabaatu gochuuf ni gargaara. Afaan barreeffamaa keessattis barreessaan barruu isaa keessatti mala dubbii kana kan fayyadamuuf barreeffamni isaa dubbisaa biratti fudhatama akka argatuuf miira dubbistootaa harhisuun sammuu keessatti suura akka kaa'uu danda'utti itti kuulee kan dhiyeessuudha.

#### 2.3.3.1 Faayidaa Malleen Dubbii

Faayidaa malleen dubbiin qabu ilaalchisee Isaaq (2003:5) Zarihuun (1995:105) wabeeffachuun, "sadoommiin mala yaada, gochaa yookiin haala, boca waan tokkoo, akkasumas, amala namaa, miiraafi bifa isaanii daawwattoota yookiin dhaggeeffattootaaf dhaadhessuufi miidhagsuun bifa dhangala'a yaad-uumeetiin kan dhiyeessuudha"jechuun ibseera. Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu malleen dubbii wantoota adda addaa keessatti akkaataa garaagaraan miiraafi fedhii dhala namaa kakaasuuf kan tajaajiluudha. Itti dabalees, Isaaq (2003:6) Hiwoot(1998:42) wabeeffachuun faayidaa malleen dubbii akkasitti barreessaniiru. "Malleen dubbii yaada walii gala walitti qabee of-keessatti qabatee fedhiifi miira afaan hawwachuu danda'u waan ta'eef haala ittiin ibsan miidhagsuuf ergaa sana cimsee dabarsuuf sammuun haala salphaa ta'een yaada sana akka hubatu gochuun fedhiifi ilaalcha barbaadame gadi fageenyaan akka hubataniif ga'ee olaanaa taphata".

Yaadni armaan olii kunis malleen dubbii dhimmoota adda addaaf kan oluuf yaada namni tokko barreeffamaafi dubbii taasisu keessatti waanti barreeffame sun sammuu dubbistootaa keessaa osoo hinbadin fakkii kaasuun akka yeroo dheeraa turu, wanti sunis haala nama hawwatuun akka dhiyaatuuf kan ooluudha. Akkasumas, dubbii taasisamu keessatti dhaggeeffattoonni sun haasawaa sana akka hinnuffineef kan gargaaru akka ta'e barreeffamicharraa hubachuun ni danda'ama.

### 2.3.3.2 Gosoota Malleen Dubbii

Gosoonni malleen dubbii garaagaraatu jiru. Isaanis: wal bira qabuu, wal dorgomsiisuu, bakka buusuu, irratti hundaa'a. Fayyadama afaanii irratti hundaa'uun barreessaan og-barruu malleen dubbii akaakuuwwan hedduutti qooduun kaa'u. akaakuuwwan isaan kunneen warra kaan caalaa hojiiwwan og-barruu keessatti faayidaa hedduu kan qabaniidha. Kunis ergaa dabarsuurratti waan ta'eef ergaa hubachuuf immoo gadi fageenyaafi kallattii garaagaraan ilaaluun barbaachisaadha. Qoodamiinsa malleen dubbii ilaalchisee kitaabonni karaa adda addaa lafa kaa'u. Isaan keessaa Harcourt (1994:216) akkas jedha. "The shief figures of speech are: smile, hyperbole, personification, paradox, allusion" gosti malleen dubbii kunis: akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, eemitii, wal-qabsiisa jedhamanii hiikamanii jiru. Malleen dubbii kunis og-barruu barreeffamaas fayyadama afaanii asoosama keessatti barreessaan gargaarame haala akkamiin hawwaasni itti gargaaramaa akka jiru ibsuu danda'a. akka kitaaba kanaatti afaan hunduu mala dubbii kan fayyadamuufi garuu, afaan garaagaraa ta'uun akkaataa fayyadama isaa garaagara akka ta'u taasisa.

Walumaa galatti, malleen dubbii maqaa adda addaa haa qabaatuyyuu malee yaada kalaqaa yookaan haala nama hawwatuun fakkii wantootaa xiyyeeffannoo barbaadanii wal bira qabanii ibsuun karaa salphaa ta'een suura kaasu. Kun immoo namni tokko wanta isa bira hinjirre haala salphaa ta'een akka hubatuuf isa gargaara. Og-barruun barreeffamaa kunis malleen dubbiitti fayyadamee ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaafi kkf gadi fageenyaan ibsa. Kana malees, malleen dubbii barreeffamni tokko miidhagina akka argatu waan taasisuuf baay'ee murteessaadha.

#### 2.3.3.2.1 Akkasaa

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee jechoota **akkaafi fakkaata** jedhamanitti dhimma ba'uun wantoota lama wal cina qabuun isa tokko isa biraatiin ilaaluudha. Addunyaafi Kaawwan (2005:82) yommuu ibsan, "akkasaan mala ittiin wantoota lama wal cina qabuun isa

tokko isa biraatiin ilaalaniidha. Kunis jechoota akka, fakkaata, gaha. Jedhanitti dhimma ba'a" jechuun ibsu. Akkasumas, akkasaan dhimmoota lama kanneen uumamaan tokko hinta'in bifa yookiin amala isaaniitiin wal-bira qabuun waliin madaalee kan agarsiisuudha. Maalummaa akkasaa Fedhasaan (2013:97) yoo ibsu, "akkasaan wal-dorgomsiisa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota akka, fakkaata, caalaa, hamma, jedhaman gargaaramuun wal-dorgomsiisa.

Garuu, akkasaan wal fakkeenya tokko karaa dhokataa ta'een ibsa" jechuun addeesseera. Yaadni kunis akkasaan wantoota lama wal bira qabuun jechoota isaan kana lameen wal dorgomsiisuu danda'anitti dhimma ba'uun kan itti gargaaramuudha.

#### 2.3.3.2.2 Habalaka

Malli dubbii kun dhaamsa yookaan ergaa tokko faallaa isaatiin dubbachuuf yookaan dabarsuuf kan gargaaruudha. Kana jechuun dhaamsa osoo ifatti hinbaasin karaa dhoksaa ta'en dabarsuuf kan gargaaruudha. Habalakni yookaan agiboon kan jechoonni hiika kallattii achi keessa jiran hiika faallaa wanta yaadame sanaa ta'ee argamuudha. Habalakni mala yaada duraan dhugaan jiru tokko faallessinee agarsiisnuudha. Yaaduma armaan olii sana cimsuun Fedhasaan (2013:97) waa'ee habalakaa haala armaan gadii kanaan ibseera.

> Habalakni dubbii addummaa wanta fakkaatuuf dhugaan ta'e gidduutti mul'atuudha. As keessatti wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame miti. Hiika isaa hubachuun kan danda'amu waan barreessaan dhugaan jechaa jiru sirriitti yoo hubatameedha. Hiikni himamu faallaa isa jedhameeti. Fakkeenyaaf, mucaa waa balleesse tokkoon "ishoo kormeekoo jabaadhu" yoo jedhan habalaka. Sababn isaas, balleessaatti jajjabeessuun seera miti. Akka baay' ee hadheeffatan ibsuuf habalakaan kan dubbataniidha. Kanaafuu, habalakni yaada faallaa ta'ee qabajechuun barreessera.

Yaadni armaan olii kunis dhimma tokko karaa faallaa isaatiin dhaamsa tokko dabarsuuf kan itti gargaaramnuudha. Kana jechuun namni tokko dhaamsa waan dubbatamu sanaa hubachuun kan danda'amu, dhimma dubbatamu sanaaf faallaa isaa yoo beeke qofaadha. Kanaafuu, dhaamsi waan dubbatamu sanaa hiikni isaa faallaa isaa waan ta'eef, xiyyeeffannoo guddaa itti kennuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, Nama dheerinaan baay'ee gabaabaa ta'ee tokkoon "Namtichi Birbirsi sun dhufe" yoo jenne karaa habalakaan gabaabina isaa dubbanne jechuudha.

### 2.3.3.2.3 Iddeessaa /Bakka buusa/

Jechi iddeessa jedhu gaalee **iddoo isaa** jedhurraa dhufe. Iddeessaan mala dubbii kan ittiin waan tokko amala waan biraa gonfachisuun dhiyeessaniidha. Malli dubbii kun karaa dhokataa ta'een wantoota wal dorgomsiisa, akkasaa irra kan adda godhuus kanuma.

Fayyadama afaanii keessatti Iddeessaan amala, bifa, haalaafi kkf, qaama tokkorraa fuudhanii qaama biraatti dabarsuu yookiin qaama tokko bakka waan biraa buusee qaama sana taasisuudha.

### 2.3.3.2.4 Nameessa

Nameessuun gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee, amala dhala namaa, lubbu-qabeeyyii yookiin lubbu-maleeyyii biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun kan ibsamuudha. Yaaduma kana deggeruun Addunyaa (2014:211) akkasiin ibsa. "Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyii yookaan lubbu-qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniiti" jechuun barreesseera. Yaada kanarraa kan hubatamu ogummaafi dandeettiin dhala namaa akkaataafi yeroo adda addaa keessatti wantoota garaagaraaf kennuun malleen dubbii keessaa nameessuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Miller and Greenberg (1991:66) maalummaa nameessuu akkanaan ibsaniiru.

> Personification is used in speech and writing for giving in animate objects, abstract concepts or actions human or near human characteristics, having the quality of metaphor since it is a metaphoric way of spicing up writing, and making the abstract more relatable. In it, distinctive human characteristics, eg. Honesty, emotion, volition, etc, are attributed an animal, object or ideas.

Nameessuun barreessuuf dubbii keessatti kan itti gargaaramnuudha. Kunis amaloota wantootaa qabatamoofi mul'achuu hindandeenyeef amma namaa akkeessuun gochaaf dandeettii dhala namaa kan namootaan ala ta'an kanneen akka: bineensotaa, biqilootaafi lubbu-qabeeyyiif kennuun bakka buusuun nameessuu jedhama. Gama biraatiin Fedhasaa (2013:98) maalummaa nameessuu yommuu ibsu, "nameessi dubbii qolaa wanta horii, bineensaafi kkf amanamummaa gonfachiisuun dhiyeessuudha. Mala bineensonni ittiin amala ilma namaa wantoota biroo gonfachiisuun hojii isaaniitti humna horaniidha" jechuun ibsa.

### 2.3.3.2.5 Arbeessuu/Ukukkubee/

Malli dubbii kun amala wanti tokko qabu gar-malee ol kaasuun yookiin gar-malee gadi buusuun ibsuuf kan gargaaruudha. Kana jechuun yaada tokko arbeessuufi kineessuun ibsuuf kan

tajaajiluudha. Addunyaafi kaawwan (2005:83) “malli dubbii kun waan tokko gar-malee arbeessuun yookiin kineessuun dhiyeessuu ilaallata” jedhu. Arbeessuun dhugaa jiru tokko irratti gar-malee dabaluudha. Malli dubbii kun ol kaasanii mul’isuuf yookaan miira dinqisiifannaa nama keessatti uumuuf fayyada.

Akkuma himoota armaan olii irraa hubachuun danda’amutti amala wanti yookaan namni tokko qabu humnaa ol guddisuufi gadi buusuun ni mul’ata.

#### 2.3.3.2.6 Mitiyee

Jechoota yookaan wantoota waliif faallaa ta’an garuu yaada walii cimsan kan ilaaluudha. Yaadni himichi qabates eyyen yookaan miti kan nama jechisiisuudha. Kanumarraa ka’uun Addunyaafi kaawwan (2005:83) yoo ibsan, “mitiyeen wantoota waliif faallaa ta’an lamaan yaada keenya ittiin ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaaruudha” jechuun ibsaniiru. Kanaaf yaada tokko eyyee yookiin miti kan jennuudha jechuudha. Walumaa galatti, hima tokko keessatti jechoota waliif hiika faallaa qaban hima tokko keessatti wal faana galchuun dhimma itti ba’uun akaakuu malleen dubbii keessaa habalaka ta’a jechuudha. Wanti raawwatamu dhugaa qabu haalli duubaan jiru faallaa isa jedhamuuti. Wantoota sirriifi sirrii hin taanetu wal faana hiriira jechuudha. Wantoonni walfaana hiriiran kunis, eyyeen yookaan lakki kan nu jechiisisuu danda’aniidha.

#### 2.3.3.2.7 Fakkoommii

Fakkoommiin mala dubbii asoosama keessatti wanta tokko yookaan dhugaa ta’e tokko karaa haala salphaa ta’een, namni hubachuu hindandeenyeen yookaan wanta ifatti mul’atu tokkoon dhoksanii yookaan bakka buusanii ergaa dabarsuudha. Kana ilaalchisee Melakneh (2006:146) irratti yoo ibsu, “symbolism is the representation of reality on one level of a reference by corresponding reality it is a dominant literary device in the novel” jechuun ibsa. Kana jechuun barreeffama asoosamaa keessatti mala dubbii fakkoommii kan jedhamu wanta dhugaa ta’e tokko kan yaada bal’aafi waan bal’aa ta’e bakka bu’uun dhugummaa waan sanaa kan mul’isuudha. Dabalataan Melakneh (2006:65) kitaaba isaa keessatti akka kaa’utti, “symbol is a thing could be an object, person, situation, or action which stands for something else more abstract for example, our flag is a symbol of our county” jedha. Yaada kana irraa akka hubatamutti malli dubbii kun wantoota, namoota, haalota yookaan gochaawwan kanneen yaadota hinmul’annee/abstract/ ta’aniin kan darbuudha.

Walumaa galatti fakkoommiin meeshaa nama, bakka yookaan muuxannoo kan wanta biraa bakka bu'u, kan bakka bu'amu sunis yeroo baay'ee qabatamaa kan hintaaneedha. Fakkoommiin yeroo baay'ee wantoota yaada bal'aafi waan baay'ee ta'an bakka buusuun ittiin ibsinuudha. Akkasumas, barreessaan asoosamaa fakkoommiitti gargaaramee ergaa isaa halluun, meeshaan, yoomessaafi kan biroon dabarfachuu danda'a.

### 2.3.4 Mammaaksa

Mammaaksi haala ittiin yaada bal'aa yookiin dubbii dheeraa tokko hima gabaabaan kurfeessanii kaa'aniidha. Kana malees, mammaaksi himaafi yeroo qusachuuf, akkasumas, dubbii haala hindagatamneen akka darbuuf yookaan hubatamuuf gargaara. Dabalataan gaaleen yookaan hima baayyee gabaabaan yaada baayyee bal'aa ta'ee dabarsuu jechuun ni danda'ama.

Mammaaksi afaaniin kan dubbatamu ta'ee ilaalchaafi muuxannoo hawwaasa tokkoo kan mul'isuudha. Akkasumas, mammaaksi jireenya uummataa wajjin kan wal-qabatuudha. Dhimmoota uummata ilaallatan hunda ofkeessaa qaba. Dhimmoonni kunis wantoota naannoo sanatti argaman waliin wal-qabsiisuuf kan mammaakamuudha. Encyclopedia of America (1985:350) "mammaaksi dhimmoota walii galaa kanneen akka: haala qilleensaa, nageenya uummataa, aadaa, amantii, seeraafi seenaa jireenya maatiifi kaayyoo adda addaaf mammaakama" jedha. Yaada kanarraa akka hubannuutti mammaaksi haala salphaan akka qabatamuuf wantoota naannoo keenya jiran waliin wal-qabsiisuun dhimmoota hawwaasa keessatti argamu kan of-keessatti qabatuudha. Gama biraan, mammaaksi dubbii dabarsuuf kan itti gargaaramnu ta'ee muuxannoofi mudannoo, aadaafi duudhaa, siyaasa ibsuuf gargaaramna. Biraanuu (1999:86) irratti too ibsu, "mammaaksi haala jiruufi jireenya hawwaasaa karaa hinyaadamneen mi'eessee dhiyeessuun yaada namaa hawwata. Kanarraa kan ka'e afaaniifi og-barruu barsiisuu keessatti baayyee fayyada. Keessumaa walaloo barreessuuf raacitii ta'ee tajaajila" jedha.

Walumaa galatti, yaada kanarraa kan hubannu, afaan kamiyyuu mammaaksa qabaachuu isaati. Yaada kana jedhuun deggera. Mammaaksonni qaama dubbii tokkoo ta'ee kaayyoo dhimma dubbatamaa jiru sanaa deggeruu kan qabuufi bifaan gabaabaa ta'uu isaa kan ibsuudha.

## 2.4 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Kutaa kana keessatti qorannoowwan qorannoo kanaan walfakkaatu sakatta'umsa amma beekumsa kootii hojiiwwan gama fayyadama afaanitiin ogbarruuwwan afaan oromoo irratti hojjataman kanneen an beekuufi argeen walbira qabee garaagarummaa isaanifi walfakkeenya isaanii Kutaa

kana keessatti qorannoowwan qorannoo kanaan wal fakkaatu sakatta'umsa amma haala kana gadin ka'u yaaleera.

Hojiiwwan qorannoo fayyadama afaanii irratti gaggeeffaman keessaa tokko, qorannoo Jaalallii Hayiluun Mata Duree **Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Yaadanii Keessatti** jedhu bara 2002 ALI hojjatamedha. Qorannoon kun fayyadama afaanii irratti kan hojjatame ta'ullee qorannoo kanarraa garaagarummaa qaba. Qorannoon Jaalallii kun fayyadama afaanii keessatti fayyadama seerluga karaa dhaamsagootaa, karaa firoommi sagaleen, jechoota hirkatoo, kottoonfeetaa irratti baay'inaan kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun ammo fayyadama afaanii keessaa fayyadama dhamjechaa, malleen dubbii, mammaaksotaafi fayyadama jechootaa irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta'u, innis jechoota loogaa sadarkaa dhamjechaafi jechaatti, jechoota ergisaa, jechoota faallaa, akkasumas jechoota walfakkii irratti kan xiyyeeffatedha. Kanamalees, qorannoon kun kitaaba asoosama mata dureen isaa **Qaroo Dhiiga Boosse** jedhu irratti hojjatame yemmuu ta'u, kan Jaalallii immoo asoosama **Yaadanii** irratti kan hojjatamedha.

Inni lammaffaan immoo qorannoo Ayyaantuu Abrahaamin mata duree **Xiinxala fayyadama afaanii asoosama Hiree Jal'atte** keessatti jedhu bara 2009ALItti hojjatamedha. Qorannoon kun fayyadama afaanii irratti kan hojjatame ta'ullee akkuma kan Jaalallii qorannoo kana irraa garaagarummaa qaba. Qorannoon Ayyaantuu kun itti fayyadama afaanii keessatti fayyadama afaanii keessaa, fayyadama jechootaa irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta'u, innis jechoota loogaa, jechoota ergisaa, jechoota tishoo akkasumas fayyadama himaa keessaa hima dheeraafi hima gabaabaa irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun ammoo fayyadama afaanii keessaa, fayyadama dhamjechaa, malleen dubbii, mammaaksota, akkasumas fayyadama jechoota loogaa sadarkaa dhamjechaafi jechaa irratti kan xiyyeeffatedha. Kana malees, qorannoon kun kitaaba asoosama mata dureen isaa **Qaroo Dhiiga Boosse** jedhu irratti kan hojjatame yemmuu ta'u, kan Ayyaantuu immoo asoosama **Hiree Jal'atte** Jedhu irratti kan hojjatamedha.

Inni sadaffaan ammoo qorannoo Ambassaa Hundeen mata duree **Xiinxala fayyadama afaanii asoosama Dirmammuu keessatti** jedhu bara 2003 ALI hojjatamedha. Qorannoon kunis akkuma kan Jaalallii mata dureen inni irratti hojjatame asoosama Dirmammuu irratti yemmuu ta'u, qorannoon kun immoo asoosama **Qaroo Dhiiga Boosse** jedhu irratti kan hojjatameedha. Akkasuma kan Ambassaa fayyadama afaanii keessatti baay'inaan caasaalee karaa seerlugaan kan ilaalamudha. Walfakkeenyi qorannoowwan kunniinifi qorannoo kanaa akkuma walii galaatti fayyadama afaanii irratti hojjatamuu isaaniti.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALAWWAN QORANNICHAA

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa qorannichaa ibsuuf akka Addunyaan (2011:63) barreessetti, "saxaxni qorannichaa waliigala qorannichaa to'ata. Kunis, qorannichi maal fakkaata, maal irratti bu'uure gaffiwwan jedhan irratti, saxaxa kana jalatti deebii argachuu qabu" jechuun ka'eera. Haala ibsa kana irratti hundaa'uun saxaxa qorannichaa murteessuuf qorannichi akkaataa fayyadama afaanii haala asoosama **Qaroo Dhiiga Boosse** keessatti xiyyeeffatu akkaataa deebiiwwan qolaa, himoonni dhihaatan, faayidadhaaf oolanii jiran akkamii isaanii qaaccessuuf waan ta'eef saxaxni qorannichaa addeessaadha. Kan ibsame xiinxala barruu ta'uu isaarra kanka'e, mala akkamtaatiin (qualitative method) kan ibsameedha.

Qorannoon kunis, kitaaba asoosama **Qaroo Dhiiga Boosse** keessatti fayyadama afaanii irra caalaatti asoosamichi keessatti mul'atan funaanuun mala ittiin dhihaatu qaba. Haaluma kanaan qorannoon kun akkaataa fayyadamni afaanii itti dhihaateefi madda odeeffannoo irraa xiinxalan funaanuun qabata ogbarruu saayinsiitin walbira qabuun kan xiinxaleedha. Sababni kunneen ammoo, hojii qorannichaa kan mala ibsaan mala xiinxala barruutiin dhimma bahame. Malleen kanneen filachuun kan barbaachiseefis, qorannoo kana gadi fageenyaan ibsuuf waan gargaaraniif. Qorannoon kun akaakuun isaa, kaayyoo irratti kan hundaa'ee qorannoo bu'uurati. Mala qorannoo ittin dhiyaatun qorannoo ibsuti. Malli xiinxala ragaalee qorataan kun ittiin qaaccesse yaad-rimee/akkaamta ta'a.

## 3.2 Mala Qorannichaa

Malli qorannoo asoosama **Qaroo Dhiiga Boosse** keessatti qorataan qorannoo kana kan gargaarame mala akkamtaati. Sababa mala kana filateefis akkamtaan mala qorannoo tokko gadi fageenyaan hubachuu irratti gahe guddaa kan taphatu waan ta'eefi.

### 3.2.1 Irraawwatama Qorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa kitaabilee asoosama Afaan Oromoo yeroo dhihoo as barraa'e kan **Mootii Mootummaa Abdii** bara **2005/2013** mata duree **Qaroo Dhiiga Boosse** jedhu irratti xiyyeeffate. Filannoo irraawwatama qorannichaa ta'ee kan jiruudha. Sababni isaa, ragaan barbaachisu asoosamicha dubbisuun kan funaaname waan ta'eefi.

### 3.2.2 Madda Ragaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa irratti kan xiyyeeffateedha. Kanaaf qorataan qorannoo kanaa qaaccessa haala fayyadama afaanii asoosama mata dureen isaa “Qaroo Dhiiga Boosse” jedhu irratti kallattiidhaan asoosamicha irratti fayyadameeti. Waluma galatti, maddi ragaalee qorannoo kanaa kitaabilee, waraqaa qorannoofi kitaaba asoosama “Qaroo Dhiiga Boosse” sakatta’uun kan hojjatameedha.

### 3.2.3 Mala Iddaatteessu

Qorannoo keessatti iddattoofi idatteessuun barbaachisaadha. kanaafuu isaan dhiyeenya kana barraa'an hunda isaaniiirratti qorannicha adeemsiisuun ulfaataa ta'urra darbeeyyuu, qorataan tokko qorannoo isaa yeroo gaggeessuutti kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa odeeffannoo funaanuun rakkisaa waan ta'eef idattoo filatameerra odeeffannoo argamuun bu'uura godhachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun ni danda'ama. Addunyaa (2011:65) akka ibsutti. Qorataaniis, kitaaba asoosamaa Mootii Mootummaa Abdii barreessee keessaa kan mata duree "Qaroo Dhiiga Boosse" jedhamu keessatti mala iddatteessuu mit-carraatiin iddattoo qorannichaa taasifachuun kan filameedha. Akkaataa fayyadama afaanii asoosama kana keessatti caalmaan argamu addaan baasuun qaacceffameera.

Haaluma kanaan qorataan qorannichaa mala iddattoo mit-carraa keessaa iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma bahe. Sababa mala kana filateefiis, mala iddatteessuu kaayyeeffataan beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irra argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Kanaafuu qorataan kaayyoowwan isaa fayyadama afaanii adda baasuufi xiyyeeffannoon fayyadama afaanii kun maalirratti akka ta'e kallattii adda addaan xiinxaluuf mala odeeffannoo funaansa sakatta'aa kitaaba gochuun qorataan qorannoo isaa gaggeesse.

### 3.2.4 Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo adeemsifamu tokko keessatti ragaan yookaan odeeffannoon qorannoo bu'uurumaan malaafi meeshaaleen ittiin funaanamu shoora olaanaa qaba. Yaada kana irratti ragaan hayyootaan deggeeramu, Dastaa (2013:83) "Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee gaggeeffama. Yookaan bu'uura qorannoo ta'e kanaa kaayyoo qorannichaa galmaan ga'uuf mala ittiin funaanamu qaba. " jechuun ibseera. Yaada kana bu'uura godhachuun odeeffannoo kitaaba aqsoosama "Qaroo Dhiiga Boosse"  keessatti fayyadama afaanii mul'atan funaanuun qorataan waan qaaccesseef, meeshaalee funaansa ragaalee keessa sakatta'aa dokimentii gaggeessuun qorataan  meeshaa odeeffannoo gargaarame keessaa asoosama filatame irra deddeebiin  dubbisee ragaalee

qorannichaaf gargaaran, fayyadama afaanii asoosamicha keessaa irra caalaatti kan barreesichi itti gargaarame hojii isaaf ragaa ni ta'u kan jedhu adda baasee fudhachuudhaan qorannichaaf dhimma ba'eera.

### 3.3 Adeemsa Funaansa Ragaalee

Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kana galmaan ga'uuf qorataan kun itti gargaarame. Odeeffannoo madda ragaa duraa irraa funaanameedha. Adeemsa kana raawwachuuf, sakatta'aa barruu kitaaba asoosama "Qaroo Dhiiga Boosse" gadi fageenyaan dubbisuun, kitaaboota garaagaraa sakatta'uun yaada hayyootaan dhugoomsuun saayinsawwaa taasisuudha. Akkasumas, qorannoowwan mata duree kana irratti afaan biraan kanaan dura dalagamantu sakatta'aame. Waluma galatti, adeemsi funaansa ragaalee qorannichaa qabatamaa taasisuuf kitaabni asoosama dhimma qorannichaa kallattiin ilaallatuufi kitaabooleen yaada hayyootaan deeggaraman ilaalamaniiru.

### 3.4 Mala Qaaccessa Ragaalee

Malli ragaaleen ittiin qaacceffamees, ragaaleen erga funaanamanii booda garee gareetti qooduun hiikamanii ibsa itti kennuun qaacceffamaniiru. Kana keessattis malli filatamu mala akkamtaadha. Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaatiin funaanamanis xiinxala haala fayyadama afaanii asoosama "Qaroo Dhiiga Boosse" mata duree jedhu irratti xiyyeeffate. Walumaagalatti, ragaaleen erga qaacceffamanii booda dhuma irratti, cuunfaa, argannoofi yaboon ibsamaniiru.

# BOQONNAA AFUR: DHIYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

## 4.1 Seenaa Asoosama Dheeraa Qaroo Dhiiga Boosse

Asoosamni Qaroo Dhiiga Boosse sirna mootummaa abbaa irree yookaan Dargiin ummata oromoo irraan gahaa ture kan seenessuudha. Goototni oromoo eenyummaa saba oromoo ijaan addunyaa duratti beeksisuuf aarsaa isaan kaffalan hundumtuu dhaloota har'atiin kan hin dagatamneedha. Bara sana fincila diddaa gabrummaa abbaa irree, bara abbaan warraa haadha warraa wallaale, bara haati ilmoo baqatte, bara reeffi dhala namaa bakka argeetti gatamaa ture, bara mootummaa Dargii bara lubbuun namaa hamma lubbuu ilbisaatti hin lakkaa'amne, bara jireenyi akka muka qottoo ta'ee ofitti deebi'ee of mure kan ibsuudha. Inni beekaan iyyuu afaan qabatee guddaafi xiqqaan afaan qabachiisaa jira. Daa'imni ol adeemaan Abdii akka inni guddateefi dhiisutu wallaalame. Poolisoonnis abbaafi ilmi akkas walitti maraaramanii walbira ga'uudhaaf sardaman kana gargar ittisee eega jira. Aadde Bashaatuun abbaa warraa ishee osoo walitti boo'anii maraachaa jiranii ilaaltee bo;icha itti fufte.

Taalilaan mana hidhaa buufata poolisii magaalaa Kaachisee keessa jira. Bara mootummaa abba irree keessa bara mootummaa Dargii, bara lubbuun dhala namaa akka lubbuu ilbisatti hin lakka'amne. Yeroo itti dhalli namaa guyyaa guyyaatti imimmaan isaa itti roobsu kana irraa ka'ee kitaabni kun maqaa "Qaroo Dhiiga Boosse" jedhuu argachuu danda'eera.

## 4.2 Fayyadama Afaanii

Ogbarruu barreeffamaa keessatti akkaataa afaan itti gargaaramnu fayyadama afaanii jedhama. Kunis, barreessaan tokko barruu isaa jaallatamaafi hawwataa akka ta'u yoo barbaade afaan inni gargaaramu murteessaadha. Kun ammoo guddina ogbarruutiif gumaacha inni godhe hangana hin jedhamu. Kanaaf, barreessitoonni qabiyyee isaan irratti hunda'anii barreessaniif fayyadamni afaanii isaan gargaaraman addatti eenyummaa qooddattootaa ibsu danda'a. Haaluma kanaan barreeffama asoosama keessatti fayyadama afaanii barreessaan gargaaramu kanneen akka jechoota faallaa, jechoota ergisaa,jechoota loogaa,malleen dubbii,mammaaksotaafii kanneen kana fakkaatan lafa kaa'uun ni danda'ama. Kanaafuu barreessaan tokko fayyadama afaanii wantoota isaan of keessatti hammatan waliin walqabsiisee barreesutu irra jira. Kun kan gargaaru, dubbisaan barreeffama isaa dubbisu miira gaariin dubbisuu danda'a. Miira kana kan fiduuf jechoota barreessaan fayyadameedha. Haaluma kanaan asoosamni dhugaa hawaasaa tokko kan calaqqisiisu

ta'ee dhugaan hawaasichaa jechoota barreessaan gargaarameen kan ifatti ba'uudha. Kunis bakka ifa hin taanetti mala dubbii fayyadamuun yaadicha caalatti ifa akka ta'u godha.

### 4.3 Fayyadama Dhamjechootaa

Jechi tokko dhaamsa yookaan ergaa tokko yookaan tokkoo ol of keessaa qabaachuu danda'a. Jechi tokko dhaamsawwan tokko ol yammuu of keessaa qabaatuu, unkawwan dhaamsawwan adda addaa agarsiisan sana addaan baafatanii beekuun ni danda'ama. Unkaan dhaamsa tokko qofaa qabu ammoo dhaamjecha jedhama. Dhaamjechoonni haala tajaajila isaanii irratti hundaa'anii iddoo gurguddaa lamatti qoodamu. Isaanis, Dhaamjecha horteefii uumamteedha. Kunis seera afaan tokkoo keessatti bu'aa guddaa qaba.

#### 4.3.1 Dhamjecha Hortee

#### A . Dhamjecha Hortee lakkoofsaa

Dhamjechoonni kun kanneen baay'ina agarsiisaniidha. Irra caalaan isaanii garee jechootaa keessatti maqaa irratti kan xiyyeeffataniidha. Dhamjeechota hortee lakkoofsaa kan agarsiisan, -oota, -ota, -lee, -een, -yyii, -wwaan,-ootii,fi kkf.

| **Fkn**<br>**Fuula** | **-oota** |
|---|---|
| 8 | . … poolis<u>oota</u> |
| 11 | … Hangaf<u>oota</u> |
| 12 | … Orom<u>oota</u> |
| 14 | … Dubart<u>oota</u> |
| 15 | … Barn<u>oota</u> |
| 16 | … Nam<u>oota</u> |
| 25 | … Mootumm<u>oota</u> |
| 36 | … Bineens<u>oota</u> |
| 37 | …Simbirr<u>oota</u> |
| 43 | … Guyy<u>oota</u> |

Barreessaan dhamjecha hortee lakkoofsaatti dhimma bahuun jechoota baay'ee horsiisuu danda'eera. Kanaaf ciminni isaa gama fayyadama dhamjecha hortee lakkoofsaan mul'atan lakkoofsa danoomsuuf kan dhimma itti bahameedha.

**B. Dhaamjecha Hortee xiyyeeffannoo**

Dhamjechoonni hortee xiyyeeffannoo haala garaa garaan agarsiifamuu danda'u. Barreessaan kitaaba "Qaroo Dhiiga Boosse" keessatti dhaamjechoota xiyyeeffannoo fayyadameera. Isaan murtaa'oon argamaniis, bifa armaan gadiin ibsamaniiru.

Fkn **–ummaa**

**Fuula**

11 Bara mootummaa abbaa irree…

14 …akka fincila diddaa garbummaa…

29 …daa'imummaa isaatti…

30 Dargageessa dargagummaa isaatti…

31 … dararama har'aatiin bilisummaa…

49 … eenyummaa isaaf maalummaa isaa…

56 … foolii isaanii namummaa irraa gara…

**Fuula** **-tu**

4 Huutuu isaatu…

29 … yeroo kana afuura fudhatu.

54 … isa boqolloo asheeti fakkaatu…

55 … fincaan fincooftu bokkaatu…

66 … tokko Daraartuu mucaa jedhamtu…

86 …, eenyutuisiniitti kenne?

92 walii waliif namatu dubbata

**-Uma**

1 … akkuma indaanqoon…

12 utuma ummata isaa gaggeessuu…

38 … calluma jedhee taa'e.

45 bor immoo qarshii kuma 20…

Dhaamjechoonni hortee xiyyeeffannoo armaan olitti argaman asoosamicha keessatti kan argaman yoo ta'u, barreessaan yaada isaa caalaatti dubbisaa hubachiisuuf, yookiin ergaa cimaafi hawwataa taasisuuf, dhaamjechoota kanatti dhimma ba'eera. Kanaafuu, akka ciminatti haala kana keessatti ilaalamuu danda'a. kana malees, barreessaan yaada ibsuu barbaadee sanaaf xiyyeeffannoo kennuun akka dubbiistoonni yaada isaa haalan hubachuu danda'an godheera.

**C. Dhaamjecha Hortee Murteessituu**

Dhaamjechi kun, dhimma tokko irratti kan murtaa'uu yoo ta'u, asoosama kana keessattis hammi ta'e dhimma itti ba'ameera. Isaan keessa:

**Fkn icha/ichi**

**-icha**

**Fuula**

3 Gara magaal<u>icha</u> akkuma galaniin…

5 … boo'<u>icha</u>aratti boo'<u>icha</u> dabaleefi hari'ee baase.

11 Bara sana bara moot<u>icha</u>…

24 waaroo qor<u>icha</u> bokkaa

46 … sunis konkolaat<u>icha</u> keessa jiru.

48 utuma hoteel<u>icha</u> keessa siree…

57 daldalicha duukaa fiig<u>icha</u> isaa itti fufe.

67 … riq<u>icha</u> bishaan Gelel irratti…

93 waaqa tokk<u>icha</u> abaabileefi…

**-ichi**

17 … dhiyaatan dhimm<u>ichi</u> maal akka ta'e itti himna.

42 …, utuu man<u>ichi</u> gubataa jiruu…

**D. Dhaamjecha Hortee Koorniyaa**

Dhaamjechi hortee koorniyaa gosa dhaamjecha hortee saala irratti kan xiyyeeffatu ta'ee, saala dhiiraafi dhalaa kan adda baasuudha. Asoosama "Qaroo Dhiiga Boosse" Keessatti dhamjeechoonni hortee korniyaa bal'inaan hamma tokkoo ni mul'atu. Isaanis, kana gaditti mul'atu.

Fkn **Dhiira**

**Fuula**

1 Boo'ichasaatu daa'imummaa isaa…

8 Halkan tokko wadaroo dugdasaa…

12 utuma ummata isaa…

13 … inni kaan du'aafi jireenya…

18 … dhorkuu isaati.

29 Inni hin beeknellee…

31 seenaan jireenya isaa…

40 …, inni hin dandeenye…

47 … namoonni inni siree…

53 … inni isaan wajjiin…

84 Abbaan keenya manni isaa…

**Dhalaa**

10 … tilmaamun ishee…

20 garaakoo ishee…

Yaa ishii xiiqii…

60 Dr, Annan gadda isheetti...

64 Isheen immoo bobaa abbaa…

67 Abbaan ishee obbo Lammiin…

68 Isheenis utuu abbaan…

78 Isheenis mana barnoota…

Barreessaan dhaamjecha hortee koorniyaatti heduuminaan dhimma itti ba'eera. Kunis, barreessaan barreeffama isaa keessatti bakka barbaachiisaa ta'eetti, galchuun Damjeecha hortee koorniyaa haala gaariin dhimma itti ba'eera. Kunis, dhimmoota kitaabicha keessatti kaafaman ibsuuf, dhamjeechoota hortee koorniyaa fayyadame.

### 4.4 Fayyadama Jechoota Ergisaa

Yeroo waa barreessinu jechoota afaan biroo afaan tokko keessatti yeroo fayyadamnu al-idilee ta'u danda'u. jechoonni kun uumaaman jechoota al-idilee otoo hin ta'iin, haala itti fayyadama keenyatu al-iilee godha. Kunis, kan ta'u jechoota afaan birootti fayyadamuun yaada yookaan waan jedhamu afaansaaniitiin ibsuudha. Kanaafuu, jechoota ergisaa jechuun, jechoota afaan biroorraa

galagalfamaniidha. Isaaniis, afaan bira keessatti tajaajilaf oolu. Kana jechuun hawaasa afaan sana dubbatuun gama amantii, siyaasaa, dinaagdeefi hawaasummaa waljijjiirachuuf ni tajaajila. Afaan tokko jecha mataasaa kan yaadasaa rakkina tokko malee dabarfachuu osoo jiruu dhiisnee jechaa afaan birootti yoo fayyadamneedha.

**A. Jechoota Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa Irraa Ergifate**

| Fuula | Jechoota |
|---|---|
| 3 | Inkuwaan dehinaa mexxuu |
| 8 | Aanchii |
| __ | Ayi honim |
| 9 | Hijikezi |
| 9 | Chiggirii |
| 40 | Quum |
| __ | Hijii wadalaayi |
| 47 | Chiggir ka allee, izichi kampinanyi |
| 48 | Atti naqaanaq |
| 49 | Makalaawwii |

Jechoonni armaan olii jechoota barreessaan afaan Amaaraa irraa ergifateedha. Barreessaan asoosama isaa keessatti barreeffama isaa miidheekfachuuf bakka garaagaratti fayyadame. Jechoonni barreessaan ergifate kun immoo, guddina afaanichaaf, rakko ta’uu danda’a. kana malees, dubbistoota afaan inni ergifate kana hin beekneef hubatamuu dhiisuu danda’a. waaltina afaanichaafis gufuu ta’uu danda’a.

**4.5 Fayyadama Jechoota Loogaa**

Boqonnaa lama keessatti loogni jechoota giddu galeessummaadhaan walta’anii galmee jechaatti dabalamuuf hingeenye ta’uufi garaagarummaa jechootaa, namoota afaanicha dubbatan giddutti akka mul’atu ta’uu isaa ka’eera. Jechoota loogaa kan jennuun, jechoota sagalee dubbii afaan tokkoo keessatti argaman kanneen dubbattoota afaan tokko gidduutti wal-daangeessaan jechuudha. Innis kan uumamu bal’ina teessuma lafaa dubbattoonni afaan tokko gidduutti uumamuudha. Jechoonni loogaa barreeffama asoosama kitaaba kana keessatti hojii irra oolaniis kanneen arman gadiiti.

**4.5.1 Looga Sadarkaa Jechaatti**
**Fuula**

| | |
|---|---|
| 1 | Ganama har’a utuu of ijibbaatuu… |
| _ | Erga abbaa isaafi obboleessa ijaan argee baatii… |
| 2 | Manni hidhaan kaampii… |
| 3 | Abdii egeree saaniitiin… |
| 4 | Walbira ga’uudhaaf sardaman. |
| 5 | … jedhee utuu boo’ee iyya kurree… |
| 8 | Wadaroon irree isaa nyaate foon seenera. |
| 12 | Dhiira kolaasuun… |
| 14 | Waan jagnoomsu wal-qoru |
| __ | nama goroora liqimseetti… |
| 15 | … afaan cuqqaallatanii taa’an |
| 20 | … quuqqaakoo isa cinaachaa… |
| 21 | Yarii marii firaa |
| 57 | kokkee isaa jala rasaasni rukute. |
| 60 | … gaadee dadhabe. |
| 62 | Waanjoo garba jaalalaa keessa seenanii… |
| __ | Galaana yaadaa keessaa bir jedhee… |
| 63 | … madaa kulkulaa baatee… |
| 67 | Jireenya siqiiqi qabuun utuu jiraattuu… |
| 76 | … baazuqaadhaan irraa cite. |

Jechoonni armaan olitti jala sararaman jechoota loogaati. Kun immoo kan naannoo tokko qofaa ta’uu waan danda’aniif, dubbistoonni naannoo biro hubachuu dhiisuu danda’u. haata’uu malee, loogni baay’ee asoosama tokko keessa jiraachuun naannoo oromiyaa bal’oo waan taateef, looga heedduu qabaachuu dandeessi. Kun immoo akkanatti yoo itti fufe waalta’iinsa afaan oromoo irratti rakkoo uumuu danda’a. kanaaf kan adda bahan qorataan namoota looga kana dubbatan argachuun tokkoon tokkoon jechootaa kanaa iddoo itti dubbataman adda baasuu danda’eera. Kanaafuu, jechoonni loogaa kun dubbattoota irraa kan mirkana’aniidha.

| **Jechoota Loogaa** | **Naannoo itti dubbatamu** | **Jecha waltawwaa** |
|---|---|---|
| Ijibbaata | Arsii | Isa dhumaa |
| Baatii | __ | Ji’a |
| Kaampii | Shawaa | Mooraa |
| Egeree | Wallaggaa | Waan gara fuula duraa |
| Sardama | __ | Ariitii |
| Kurree | Gujii | Qadaada qabee |
| Wadaroo | __ | wadaroo |
| Kolaasuu | Wallaggaa | Sangoomsuu |
| Jagnoomsuu | Shawaa | Gootomsuu |
| Liqimsee | Wallaggaa | Nyaate |
| Cuqqaallaa | Harargeefi Booranaa | Cufaa |
| Quuqqaa | Harargeefi Arsii | Miidhama |
| Yarii | Gujii | Yaraa |
| Kokkee | Arsii | Liqiimsituu |
| Gaade | __ | Sababa barbaade |
| Waanjoo | Shawaa | Arqoota |
| Bir | Arsii | Dammaquu/ naasuu |
| Kulkulaa | Harargeefi Arsii | Dhiitawaa |
| Siqiqii | Shawaa | Yaaddoo |
| Baazuqaa | Harargee | Mixaaxisa |

Jechoonni gabatee armaan olii keessatti dhiyaatan jechoota loogaa iddoo adda addaatti dubbataman kan barreessaan dhimma bitti bahee itti fayyadameedha. Jechoonni kun jechoota loogaa haata'aniiyyuu malee hubannoo dubbiistootaa hin danqan. Sababni isaa jechoonni loogaa kun jechoota hubatamuu danda'aniidha. Haata'uu malee akka dubbistootaaf ifa ta'uuf, osoo afaan waltawwaatti fayyadama ta'ee gaarii ture. Akka fakkeenyaatti loogaa tokko fudhannee yoo ilaalle: 'Ijibbaata' kan jedhu, jecha loogaa naannoo Arsiitti beekamuudha. Afaan waaltawwaan isaa isa dhumaa yookiin wan yaalamee dadhabamee tokko irra deebiin yaaluu jechuudha.

**4.6 Fayyadama Jechaa**

Fayyadamni jechootaa ogbarruu barreeffama keessatti bifa al-iddileen osoo hintaane bifa iddileetiin kan dhiyaataniidha. Jechoonni kun galmee jechootaa keessatti kanneen argamaniif irra caalaan isaanii kanneen guyyaa guyyaan itti fayyadamaa oolluudha. Jechoonni akasii kun ammoo waaltina afaan oromoo keessatti gahee guddaa taphatu. Akkasumas, jechoonni kunneenis, guddinaaf bilchina sammuu hawaasaf bakka olaanaa qabu. Haaluma kanaan fayyadama jechoota karaa adda addaan ibsuun ni danda'ama. Haata'uu malee qorannoon kun gama fayyadama jechaatiin kan inni irratti xiyyeeffate, jechoota faallaafi jechamoota. Isaan kanaas, akkataa barreessaan kitaaba gargaarameen qorataan hiika irra keessaaf dhokataan ilaaluun qaaccesseera.

**4.6.1 Jechoota Faallaa**

Jechoonni faallaa walitti dhufeenya jechootaa akkaataa hima keessatti galuun ergaa yookaan dhaamsa barbaadame dabarsuu danda'een kan dhihaateedha. Haluma kanaan jechoota faallaa kanatti gargaaramuun akkaataa isaan dhaamsa dabarsan irratti hundaa'uun armaan gaditti himoota keessatti akkaataa fuula kitaaba asoosamichaa keessatti argamaniin tartiiba ittiin dhiyaatan eeguun qaacceffameera.

**1**

Fuula **66,** Biyya adiif gurraachi itti walga'u, biyya dheeraaf gabaabaan, furdaaf qal'aan, hiyyeessiif sooressii, biyya qomoo kumaatama ofkeessaa qabu kana keessa jiraachuu eegale.

Lakkoofsa 1 fuula 66 kana keessatti wanti hubatamu jechoonni adiif gurracha jedhaman faallaa waliiti. Ijii barreessaan ittiin ilaalees, bifa adiif gurracha kenneefit. Kanneen dheeraaf gabaabaa, qal'aaf furdaa, hiyyeessaaf sooressa biyya qomoo kumaatamaa kan jedhameef, namoonni hundumtuu biyyichatti akka walga'ee waliin jiraatu ibsuufidha.

Fuula 73, Hollaan garanaaf garasiin utuu hin hafiin jigee yaa'ee dirmannaadhaaf yeroo dhufu manni keessii guutummaan oljorga'ee gadi jorga'ee iyyee wacee bo'aa jira.

Fuula 73 kana keessatti jechoonni garanaaf garasiin akkasumasoljorga'ee gadijorga'ee jedhaman faallaa waliiti. Faalladhuma isaanii keessattiis, ergaan isaan baatan nijira. Garanaaf garasiin kan jedhu,kallattii waan sana agarsiisuudha. Yookiis giddugaleessummaadhaan gara bitaaf mirgaatti wanta jiruu tokko mul'isuu jechuudha. Xiyyeeffannoon barreessaa garuu, waa'ee Taliilaaf jedhanii mana abbaa isaa keessatti boo'icha taa'a jiruuf, ollaan maal akka ta'ee baruuf dirmate. Barreessaanis jechoota kana kana ibsuuf fayyadame. Akkasumas, oljorga'ee gadi jorga'ee kan jedhamaniis, jechoota faallaa waliiti. Ergaan isaan dabarsuu barbaadaniis, kukkufanii olii gadi ta'uu isaanii kan agarsiisuudha. Akkaataa barreeffamicha keessatti ilaalamuun yeroo namoonni dirmatanii bira gahan kanneen manicha keessa turan lafatti kukkufanii akka jiran mul'isa.

Fuula 84, Nutis waa'ee keetiif ganamaaf galgala imimmaan buufnee guyyaa itti wal arginuu hawwiin eegaa jirra.

Fuula 84 kana keessatti jechoonni ganamaaf galgala jedhamanii dhiyaatan faallaadha. Hiikni isaanii lafa bariitee ifatti deemtuufi yeroo galgala'ee dukanatti deemu/halkan kan ta'uuf deemu jechuudha. Yeroo dhalli ofii haadhaf abbaa jalaa garboomfamtee mana hidhaa keessatti reebichaan gidirfamaa galgalaaf ganama boqonnaa maleejiraattudha. Yeroo sanattiis, haatiif abbaan imimmaan isaanii galgalaaf ganama dhala isaaniif akka bokkaa rooba. Bara Dargii bara mootummaa abbaa irree sana jechuudha.

Gama seenaan yoo ilaalamu, seenaan biyyaafis ta'ee namaa waan murteessaadha. Kuniis seenaa gadheen yookaas seenaan sammuu namaa keessaa hin baanee yoo namaratti raawwate, dhiphuun galgalaaf ganama sammuu nama keessatti godaannisa ta'ee hafa jechuudha.

Fuula 91, Oromoon baddaafi gammoojjii, kaabaf kibba, bahaaf dhihaa jiran sagantaa kadhaa kana irratti hirmaachuuf, caffee kanarratti bakka bu'oota isaanii erganiiru.

Lakkoofsa tokko fuula 91 kana keessatti, jechoonni baddaafi gammoojjii, kaabaaf kibbaa, bahaafi dhihaa jedhaman jechoota waliif faallaati. Haala teessuma lafaafi haala qilleensaa isaa akkasumas, kallatti hundaa agarsiisuuf kan dhiyaateedha. Xiyyeeffannoon barreessaa garuu, Ummanni Oromoo kallatti hundaan sagantaa kadhaa caffee irratti bakka bu'oota isaanii hirmachisuuf erguu

isaanii kan ibsuudha. Kanaaf jechoonni faallaan dhiyaatan kun obbo Liibaniif aaddee Bashaatuun wanta dhalatee, raawwachaa jiru bitaa itti galee, waan qabatanii dhiisan wallaalanii abjuu boruu abjootaa jiraachuu isaanii mul'isa.

**4.6.2 Jechamoota**

Jechamni jechoota adda addaa lamaan kan uumamuufi jechoota qindaa'an keessaa jechoota hiika addaa qabaatee yaada addaafi dubbiin kan ibsamu fayyadama afaaniiti. Kana ilaalchisee, Addunyaan (2014:122) akka ibsetti, "Jechamni jechoota, gaaleewwaniif ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyadu danda'u. baay'een jechamoota afaan oromoo ergaa dhuunfatti jechoonni walitti dhufan qabaniirra adda. Jechamoota kana hubachuufis, beekuumsa aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha" jedha. Haaluma kanaan jechamoonni odeeffannoo kitaaba asoosama 'Qaroo Dhiiga Boosse' jedhu keessatti argaman kana gadiitti qorataan qaaccesseera.

**2**

Fuula 27, Hundumtuu akka kanniisaa saafaa waljalaa asiif achi hulluuqanii iyya kurree kutaa jiru.

Lakkoofsa 2 fuula 27 kana keessatti, jechama kanniisa saafaafi hulluuqanii jedhu argina. Kanas yoo ilaalle, kanniisni kan wanti minyaawwaan keessaa ba'uudha. Karaa biraatiin ammo, kanniisn nama hidduu kan dandeessuudha. Akkuma faayidaa qabdu miidhaas qabdi. Kanaf kannisni saafaa baayy'atte akn walfaana yaatuufi yoo Nama hidditees Kan bayyee Kan baayyee nama dhukkubsituudha. Kan biran, saafaan aduu waaqa keessaa gadi ba'ee gubuudha. Garuu xiyyeeffannan barreessaa haala bareeeffamichi erga dabarsu barbadun dhiyeesse. Kana jechuun, yeroo rakkinaa ollaafi namoota kanneen naannoo sana kan walif dirmatan, gaddaafi gammachuu irratti, kan walif dirmatan ta'uu ibsa. Inni kun yeroo baayy'ee hawaasa garaagara birattii waan beekamaadha. Sabaabni barreessichi jechoota akkasi gargaaramef yeroo obbo caala mana hidhaati baasani wadaroodhan hidhani reebani ajjesan, duuti isaa yeroo dhagahamu namoonni gara mana obbo caalatti yaa'aibi gadda isaani mul'isuuf jedhaniti.

Fuula 42, galgalaaf ganama mar'ummaan isaani ibidda godhe guba.

Lakkofsa 2 fuula 42 keessatti, ibiddaa godhe guba kan jedhu baayy'ee akka arse muldhisuufidha. Ibiddii wanta waan tokko gubu yookaan nyaataa ittin bilchessuf kan ittin fayyadamanidha. Gubaa

jechuun immoo wanta hoo’aa yookiin kan bulluqa ta’e yookaan yoo itti bu’aan kan nama gubuu jechudha. Akka yaada barreessatti yoo ilaalle garuu, maatiin Taliilaa, Taliilaan essa akka ga’ee lubbuun jirafi hin jiru, barbadamee qabameefi hin qabamne isa waan hin beeknef galgalaaf ganama mar’ummaan isaa abiddaa godhee akka gubu, erga ittin dabarse. As keessattii kan mul’atuu garaan isaanii dhaloota isaanif raafamu agarsiisa.

Fuula 43, jireenya inni keessa oolu isaaf abjuudha.

Fuulli 43 keessatti, jechamni isaaf abjuudha jedhuu,abjuun wanta argame nama jala dhokatuudha. Wanta argamee namaaf qabamuu hin dandeenye jechuudha. Karaa biraatin yoo ilaallee namoonnihalkan rafani ka’an tokko yeroo waa’ee abjuu dubbatan, abjuu seexaanatu sobee Nama qoruuf namatti mullisa jedhu, kaan immoo anii abjuuunkoo mul’ata Kan jedhanis ni jiru. Akka yaada barreeffamichatti garuu, Taliilaan oolee bulee guyyaa guyyaan jireenya haaraaa keessaa waan ooluuf abjuudhaan wal qabsiisee ibse jechuudha.

Fuula 73. Hundumtuu wal ga’ee huursuu eegale.

Lakkoofsa 2 fuula 73 keessatti jechamni huursuu jedhuu, sagalee namoota baay’inaan jiraachuus ta’uu danda’a. yookiis waca garaagaraa kan kana jedhamee hin dhaggeeffatamnees ta’uu mala. Haalli barreessaan barreeffamicha keessatti ibse garuu, gochaan uummata irratti raawwatamee, gammachuun qaban gaddaatti jijjiramee, namoonni walgahanii miidhaa Nama isaaniif, uukkamfatani utuma aadaani, hundumtuu sagalee olkaasuun guddisanii boo’uun hursuu eegalan.

Fuula 75, gaara mul’ataa irratti waraana wal irratti banan.

Lakkoofsa 2 fuula 75 keessatti jechamni waraana wal irrattti banan kan jedhu wal rukutuu isaanii kan agarsiisuudha. Karaa biraan yoo ilaallee waraana kan jedhamuu namoota qaama mootummaa ta’ee tokkootiifi biyyaa isaani keessatti meesha lola baatani human faallaa isaaniitiin mormaniidha. Banuu jechuun garuu gama tokkon yoo ilaallee, waan cufamaa ta’ee tokko banudha. Kitaaba asoosamaa kana keessatti garuu barreessaan Kan fayyadameef, utuu Kan Taaliilaaf mataa baatanii, ilmi isaanii Murteessaan, dargaggeessaa olla isaani Goobanaa wajjiin badani loltoota waraanaa dhaabbilee Oromootti makamani waraana biro faana mootummaa tureen falmi eegalan. Humni waraana kuniifi human waraana mootummaa ture karaa bahaa jiru, Gaara mul’ataa irratti waraana wal irratti banan. Kanaf barreessaan jechamoota kana haala kanaan fayyadamu danda’e.

### 4.7 Fayyadama malleen dubbii

Dubbiwwan qolaa asoosama 'Qaroo dhiiga boosse' keessattii tajajila garaagarafdhimmaa bahamanii jiru isaan knneen faayida maali asoosamaa keessatti akka qaban kanaa gadittii qaacceeeffamaniruu. Kan ajechuun gama kallatti kanaan qabiyyee erga dabarsuu barbaadan sanaatiin kan dhihaatanidha. Malleen dubbii kanas tokko tokkon akkaataa isaan erga dabarsaniin himootaaf fuula kitaaba asoosamichaa keessatti argamun eeruun arman gaditti duraa duuban qaacceeffamaniru.

#### 4.7.1 Akkasaa

Akkasaan jechoota akkaa fi fakkaata jedhaman gargaaramee wantoota lama walbira qabee kan ibsuudha. Haaluma kanaan, barreeffanmi asoosama kanaa mala dubbii akkasattii fayyadamuun, barreessichi kitaaba isaa keessatti yaadni isaa maal akka  fakkaatuufi erga maali akka dabarsuu barbaade agarsiisa.mata duree kana jalatti malleen dubbi asoosama dheeraa 'Qaroo Dhiigaa Boosse'tokko tokkoon kan ilaalluu ta'a.

**3**

Fuula 2. Laaftoon seenaa mukeeti naannoo sanatti argaman keessaa adda . Lafa irraa olka'ee biqile erga guddatee akka dibaabeetti immoo dameen isa gadi deebii'ee baalli isa lafa aguugee jira.

Hima barreefffame kana keessatti "Dibaabeetti"kan fakkeeffame mukeen keessa muka laaftoo jedhamuudha. Laaftoon jalqaba yeemmu guddatu muka gadi duufa a yookaan gadi jedha osoo hin tane, akkuma mukeeti warra kaanitti guddate adeemsa keessa jijjirama dhufuun, geengoon damee erga biqilchee ofirra naanna'ee gadi deebi'a. Yeroo kana bifa dibaabeetin ta'a; namnis jalatti aara galfachu danda'a.Kanaafu yeroo dibaabeen fakkeeffamuuu, sabaaba fakkaatuufidha. Dibaabeen garuu yeroo hin banamin jiru uleedha. Kanaafuu barreessaan fakkaatti inni fudhate sirriidha jechuudha.

Fuula 5, namoonni naannoo sana jiran tokko tokkos abbaafi ilmoo akka haadhafi jabbiitti walitti mar'atani boo'an  ilaaluun garaan isaani gaddan booji'ame.

Lakkoofsa 3 fuula 5 irra  yaadni hubatamu, jaalala abbaa fi ilma isaani akka horii haadhafi jabbitti fakkeesse jira. Hariiroon hadhafi jabbi giddu jiru  dhimma haadha dhalteefi jabbi yoo ta'u haati jabbi ishee hoosistee , arrabdee itti mar'achaa jaalala jabbi isheef qabdu mul'isti. Barreessanis kan

kanaan walfakkeessef abbaan Abdi mana hidhaa keessatti dararamaa yeroo jirutti haati Abdi, Abdi mucaa wallaala fuutee nyaata obbo Libaniif yeroo geessitu, obbo Liiban waa'ee nyaataa dhiise waa'ee dhala isaa yeroo dheera in argin tureef nyaata dhiisee gara Abdiitti fiige; utuu walitti mararamani, walitti boo'aani poolisiin gargar isaan baase. Kanaaf barreessan kana fayyadame.

Fuula 8, Taliilaanis lafeen dugda isaa kophee poolisi "Kubur Zabanyaan" bullaa'ee akka bofaa garaadhaan lafa ciisa.

Lakkoofsi 3 fuula 8 irratti wanti hubatamuu, waa'ee miidhamsa Taliilaa ibsuuf, bofatti fakkeesse jira. Bofti lafee waan hin qabneef lafa irra loo'a. Taliilaanis bofatti kan fakkeeffameef lafee dhabee osoo hintaanee, miidhama irra gahaa jiruuf ofdadhabee garaan yoo lafa ciisu achitti reebamu isaati. Kuniis, lafeen isaa bullaa'ee oljedhee akka namatti deemu waan hin dandeenyeef, barreessichi bofa uumamaan lafa irra loo'uutti fakkeessee jira. Addunyaa dhugaa keessatti uumamni lubbuu qaban kanneen lafee hin qabne hundi lafa irra loo'u. kanaafuu barreessaan nama miidhamee lafeen isaa bullaa'ee kana miidhama isaa daran ibsuuf warra lafa irra loo'aanitti fakkeesse.

Fuula 8, Egdoonni mana hidhichaa gaafa sana eegaa turan, yoo ija isaanii hubannoodhaan ilaalaniif ijii poolisoota kanaa diimatee ija kormaa indaanqoo fakkaata.

Lakkoofsa 3 fuula 8 inni lammataa kun yeroo ilaalluu, dhallii namaa gaafa miira aarii keessa galuu, ijii isaa ni diimata. Kanaafuu, barreessaan , aarii poolisootaa kana ibsuuf ija isaanii kormaa indaanqootti fakkeessee dhimma bahee jira. Haala salphaa ta'een namni dafee waa'ee dhimma sanaa akka hubatuuf ija indaanqootti fakkeessuun aarii poolisoota sanaa muldhiseera.

Fuula 42, Taliilaan erga mana isaati bahe eegalee akka kormaa bosonuu utuma bibir'atuu har'an qabamaa, boran qabamaa jedhee utuu namoota karaa irra deeman hundumaa akka waan isa qabuuf deemanitti shakkaa utuu yaadda'uu magaalaa Finfinnee keessatti turban sadii isarra dhumaa jira.

Lakkoofsa 3 fuula 42 keessatti, Taaliilaan bosonuutti fakkeeffame jira. Bosonuun jiraachuuf yeroo kamuu of dagatee bilisummaan jiraachuu hin danda'u. sabaabni isaa yeroo hundumaa adamfama waan ta'eefi bibir'achaa oola. Kan isa argachuuf dhama'uu hunduu nyaachuuf waan ta'eef. Taaliilaaanis kan inni lafa hundatti bibir'atuuf yakka biraa godhee osoo hin taane, mootummaa Dargi sanaan jiila waan godhateef, dubbii afaan isa irra barbadani yakkatti oofuu wan barbadanifi

of dagatee hin ta'u . kun immoo dhugumayyuu bosonuu walin tokko isa taasise. Barreessanis kanaf bosonuutti fakkeesse dhimma itti bahe.

**4.7.2 Habalaka**

Malli dubbii kun itti fayyadama afaani ta'ee mala ittin wan tokko faallaa isaatin ibsaniidha. Addunyaa (2016:213) yoo ibsu " Habalakni tooftaa ittin waan tokko faallaa isaatin ibsuudha. Hiikawwan ibsamee kana beekuudhafis haala dubbichi keessatti dubbatameefi aadaa hawaasichaa beekuun barbaachisaadha. Bakka hubannoon akkana hin jirreetti garuu ergaa darbu sana hubachuun rakkisaa ta'a" jechuun ibse jira. Haaluma kanan asoosama kana keessatti malleen dubbii barreessaan itti fayyadame haala arman gaditin qacceeffameera.

**4**

Fuula 30, …guyyaan utuu itti dukkanaa'uu…

Malleen dubbii lakkoofsa 4 jalatti dhiyaate kan hima fuula 30 irra fudhatame " … guyyaan utuu itti dukkanaa'uu…" jedhu malleen dubbii keessa mala dubbii habalakaatin kan dhiyaateedha . qooddataan kun mana hidhaa keessatti jireenya hadha'aafi jibbisiisaa jiraataa dhiphachaa jira. Kanaaf guyyaan utuu itti dukkanaa'uu jechuun haala rakkisa keessa akka jiru habalakaan ibsuuf malee, guyyaan dukkanaa'uu hin danda'u jechuudha.

Fuula 55, Re'ootni gubbaarraa gadii yeroo fincaan fincooftu bokkaatuu roobuu jalqabe jedhanii fincaan ishee fuula isaani irratti eeggatu. Utuma waa'ee fincaan ishee kolfanii yeroo kokorii ishee asii gadii irratti dhangalaaftu immoo " shunburaa kana nyaadhaakaa akaa'ii nuuf erganii" jedhani walitti qoosu dugdaan ciisanii siree re'ootni irratti fe'aman asii ol ilaala.

Hima fuula 55 kana keessatti, fincaaniin bokkaatuu roobuu jalqabe jedhuufi kokorii re'otaan immoo shunbura jedhu mala dubbii habalakaan kan dhiyaatedha. Barreessaan mala dubbii kanatti qabatee ergaan inni dabarfachuu barbaade waa jalaa miliquuf, rakkinaafi wantoota nama dhiphisan hunda damdamatanii obsaan balaa dhufu jalaa akka darbaniif mala dubbii kana fayyadame ibse.

**4.7.3 Hiddeessa/ Bakka buusa**

Malleen dubbii keessatti Iddeessan amala waan tokko akkuma jirutti kan biratiif kennu jechuudha. Addunyaa(2016:209) yoo ibsu "malli dubbii iddeessa jedhu "gaalee iddoo isaa" jedhurra ijaaramee

waan tokko guutumman guutuutti amala waan biraa gonfachisuun dhiyeessa. Gosni fayyadama afaani kun karaa dhokata ta'een wantoota dorgomsiisa" jechuun ibsa. Haaluma kanan asoosama Qaroo Dhiiga Boosse jedhu keessatti maalleen dubbii iddeessaa ibsaman haala arman gaditiin qacceffamaniiru.

**5**

Fuula 29, "... Uummata Oromoof afaan ta'ee dubbachuuf, miilla ta'ee deemuuf ,qaroo ta'ee ilaaluuf, dhangaa ta'ee sooruuf, taliila ta'ee obaasuuf..."

Mallii dubbii dhiyaate kun mala dubbii iddeessaati. Ummata Oromoof afaan ta'ee dubbachuu, milla ta'ee deemuu, qaroo ta'ee ilaaluu, dhangaa ta'ee sooruu, taliila ta'ee oobaasu jedhutu argama. Hima kana keessatti Obboo Caalaan Ummata Oromoof kanneen fuula 29 kana keessaatti dhiyaatan kana hundaa bakka bu'ee dhiigaafi foon isaa utuu isa hin marariin falmaafi ture. kana jechuun barreesssan mala dubbii kanatti fayyadamuun jalala obbo Caalaan uummata Oromoof qabu asoosama kana keessatti ibseera.

Fuula 33,Waamicha enyuutiif

Halkaniin gadi baate
Utuu hin deebi'iin
Muka gogaa tate

Fuula 33 kana jalatti akkuma agarru, hima bifa walaloon dhiyaate kana keessatti, utuu hin deebi'iin muka gogaa taate kan jedhu mala dubbii iddeessaati. Sababni barreessan asoosama kana keessatti mala dubbii kanaan fayyadameef, Obboo Caalaan erga mana hidhaa seenaanin booda mana isaanittii deebi'aani hin galle. Achumatti miidhamani lubbuun isaani waan baateef ilmi isaani haala kanan gadda isa mul'ifate. Brreessanis kana irratti hundaa'eeti kan kana fayyadameefi.

### 4.7.4 Nameessa

Fayyadama afaanii kessatti nameessi amala namootaa wantootaafi lubbu qabeeyyi biroof kan kennuudha. Haaluma kanan amalli fayyadamni mala dubbi kun wantoota lubbu maleeyyii ta'an yookaan lubbu qabaatani kan amala namaa hin qabaanne amala namaa gonfachiisuudha. Addunyaan (2016:211) yoo ibsuu "akkuma maqaa isaa nameessaan lubbuu maleeyyii yookaan qabeeyyii biroo amala nama gonfachiisudha. Haala kanaan akka namatti bel'aanii akka quufan,

deemanii akka galan, ijaaraanii akka diigan,... kan taasisuu fayyadama afaaniiti" jechuun ibsa. Haaluma kanaan asoosama 'Qaroo Dhiiga Boosse' jedhu keessatti itti fayyadama afaanii malleen dubbii nameessan ibsaman haala armaan gadiitiin qaacceeffamaniiru.

**6**

fuula 30, "... kan dhugaa bahuuf bosona laga booyyeetu ragaadha".

Malleen dubbii fuula 30 irratti argamu kun kan , "... kan dhugaa bahuuf bosona laga booyyeetu ragaadha".jedha. kun dhugaa kan namaaf bosona osoo hin taane dhala namaati. Dhalli namaas, waan arge tokko yoo gaafatame kan deebisuu jechuudha. , "... kan dhugaa bahuuf bosona laga booyyeetu ragaadha". Kan jedhu akka namaatti fakkeesse barreessaan mala dubbii kanaan ibse. Haala dhugaa ta'ee tokkon yoo ilaallee garuu kan waan argeef ragaa bahuu namaadha jechuudha.

Fuula 30, "Waaqnis, laftis, mootummaanis, calluma jedhee dhaggeeffatus,..."

Fuula 30 kana keessatti malli dubbii barreessaan dhimma itti bahee kun mala dubbii nameessaati. Malli dubbii "Waaqnis, laftis, mootummaanis, calluma jedhee dhaggeeffatus,..." jedhu hima kana keessaatti gaaffiin amala namaa horachuun akka namni nama jalaa dubbachuu dhiisee dhaggeeffachaa jiruutti barreessan fakkeessee mala dubbii kanatti fayyadamuun ibse. Garuu yaadni barreessaan dabarsuu barbaade miidhama obbo Caalaa irraa ga'a jiru ibsuuf jedheeti. Obbo Caalaan muka fannoo irratti akka korma Sangaa yeroo gadoodan hundumtuu jalaa callisee dhaggeeffachuu isaa barreessaan mala dubbii kanaan ibse.

Fuula 31-32, "Dhiignis dhaamsa isaa sammuutti oldhaame"

Fuula 31-32 kana keessatti malli dubbii "dhiigni dhaamsa isaa sammuutti oldhaame" jedhu kun mala dubbii nameessaati. Mala dubbii kana yoo ilaallee namatu dhaamsa qabu dabarfata malee, dhiigni akka namatti ergaa dabarfachuu hin danda'u. Dhiigni dhaamsa isaa sammuutti oldhaame kan jedhu bifa namaa qabaatee akkuma nama ergaa dabarfateetti barreessaan kitaaba kana keessatti ibsa. Xiyyeeffannoon barreessaa garuu, mala dubbii kanatti fayyadamuun sirna awwalcha obbo Caalaan booda, ilmi isaanii Addunyaan seenaa isaanii bifa walalootiin fayyadamee, jechoota mimmiidhagsee, gadda garaa isaa ittiin akka ibsate barreessaan kitaaba kana keessatti mul'iseera.

#### 4.7.5 Arbeessuu

Malleen dubbii kun kan waan tokko garmalee olkaasuun yookaan garmalee gad-buusuun kan dhiyaatudha. Barreeffama asoosama "Qaroo Dhiiga Boosse" jedhu keessatti akkaataa hariiroo gargaarameera. Haaluma kanaan asoosama kana keessatti akkaataa hariiroo jechootaafi eenyummaa qooddattootaan akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

**7**

Fuula 63, Har'a kunoo jireenya buufata baqattootaa keessa jiraachuu erga eegalee ji'a shanaffaa isaatti dhukkubaan qabamee gara mana wal'aansaa yeroo deemuu dhibee taayifooyidiifi busaan qabamee boolla du'aa seenee ba'e.

Lakkoofsa 7 fuula 63 kana irratti arbeessi kun kan mul'atu namni yoo dhukkuffate ni fayya. yookaan immoo du'uus danda'a. yoo du'ee ni awwwaalama malee, awwaalamee boollaa baafama miti. Barreessaan garuu, dhibee taayifooyidiifi busaan  qabamee boolla du'aa seenee ba'ee kan jedheef, baay'ee dhukkuba cimaa dhukkubsatee akka inni du'a oole ittiin ibsuuf malee, namni boollaa du'a seenee ba'u hin jiru. kanaafuu yaadni barreessaa Taliilaan yeroo buufata baqattootaa keessa jiruutti dhibee taayifooyidiif busaan qabamee boolla du'a irra ga'ee deebi'uu isaa ittin ibse. Yaada kanarra kan hubannu, namni dhukkuba cimaa ta'ee dhukkubsachuun akkuma jirutti ta'ee, boolla du'aa seenee bahee jechuun garuu baay'ee dhukkubsachuu isaa ibsuuf jechuudha.

Fuula 85, Isaan lamaan garuu, dhala keenyatu nuuf ergee jedhanii utuma boo'anii "qaroon isaanii dhiiga boosse"

Warabbiin kun waa'ee boo'uu, warri dhala isaaniif yoo ibsu, baay'ee guddisee jira. Jechi "Qaroon isaanii Dhiiga Boosse" jedhuu kun namni baay'ee gadduu irraan kanka'ee, baay'ee boo'uu ni danda'a. Garuu dhiiga boo'uu hin danda'u. Kanaaf, gaddaa isaanii ibsuuf baay'ee boo'ichaan miidhamuu isaanii himuuf barreessaan kanatti fayyadame.

Fuula 87, "Boo'icha miti; Wallaalatu bineensa lagaati gadi nu taasisee, kan wal nu nyaachisaa jiru kana keessaa ba'uuf cimnee barachuu qabna"

Lakkoofsa 7 fuula 87 kana keessatti jechii "wallaalaatu bineensa lagaati gadi nu taasisee" jedhuu, arbeessuudha. Jecha kana guddisee fayyadamee malee walaalan silumayyuu beeka wan hin

taaneef bineensa lagaati gadi nama taasisuu hindanda'u. Barreessaan kitaaba kana keessaatti mala dubbii kanaan qeeqa qooddata ibseera. kanaas xiyyeeffannoon barreessaa qooddataa Jaabessaan mootummaa Dargii qeequuf jedhee "Walaalatu bineensa lagaati gadi nu taasise" jedhee ergaa isaa dabarfate jechuudha. Barataa Jabeessaan haala tuffiitiin yaada isaa ibsachuuf mootummaa kana gadi buusee wallaalaatti fakkeessee yaada isaa haala kanaan ibse.

### 4.7.6 Mitihee

Mitiheen ibsa si’a tokkotti sobas, dhugaas fakkaatee dhufudha. Karaa bira yeroodhuma tokko keessatti ibsuma wal fakkaataa tokko mit eeyyees jedhamu kan ittin himamu danda’amudha. Malli dubbii kun fayyadama afaanii asoosama keessatti jechoota eeyyeefi miti kan argamu yoo ta’u, yaadaan waan qal falleessan ibsu. Addunyaa (2013:212) ibsetti “Jechi umitii jedhu jechoota eeyyeef mi jedhan. Jechoonni kanneen faallaa waliiti maalummaa jechoonni kun dhuunfaa qaban faana bu’uun akka wantoonni faallaa wal faana dubataman taasisuun kan itti fayyadamudha”. Akka yaada kana irraa hubatamutti yaadni hima tokko yookaan jechi tokko irraa keessaan dshugaa tokko fakkaatee soba kan ta’u, fakkaaee immoo dhugaa kan ta’e mul’isa. Haaluma kanaan, asoosama kana keessati malli dubbii eemiti baay’inaan jiraachuu baatus hanga jiru keessaa muraasni isaa hariiroo jechootaatiin akka armaan gadiitti qaacceffameera.

**8**

Fuula 42 Kiliniikni isaa gubatee, wanti hin beekamne manasaa keessaa dhoo’ee lubbuu namootaa galaafate.

Lakkoofsa 5 fuula 42 kana keessatti Kiliniikni gubate, wanti hin beekamnee man keessaa wanti hin beekamnee dhoo’ee lubbuu nammootaa galaafatee kan jedhu kun dhugaas, sobas ta’uu dnda’a. Sababni isaa Kiliniikni gubachuun dhugaa yeroo ta’ee, wanti hin beekamnee dhoo’uun hammam dhugaadha jedhanii amanuun rakkisaadha. Garuu, akka yaada barreessaatti manni kiliniikaa kan gubateef, humni mootummaa abba irree, Taalila ajjeessuuf yeroo isaa dhabaniiti kiliniika isaa barbaaddeessanii, wanti mana isaa keessaa dhooka’ee namoota akka fixee dubbachuuf fayyadame.

Fuula 83 mar’ummaan keenya nu mada’ee bo’ichii ija keenya nu jaamsera.

Lakkoofsa 5 fuula 83, mar’ummaan keenya mada’ee bo’ichii ija keenya nu jaamse kan jedhu kun dhugaas sobas njechuun nama rakkisa. Sabaabni isaa, yeroo namni tokko gadda guddaa kan

baay’ee nama boossisuu yoo ta’ee, yeroo baay’ree taanaan ijii nama dhukkubuu ni danda’a. garuu, bo’ichii baayya’aateef ijii nama jaama jechuun amansiisaa miti. Yoo ta’eellee xiqqoodhuma nama bararriisuu fdanda’a yookaan yeroo boo’icha garmalee bo’aan xiqqoo lafa arguu dhabuun jira. Kanaaf barreessaan, akka garmalee boo’aan ibsuuf haala kanaan barreeffama keessatti fayyadame.

Fuula 83 Dhiigni dhiiga kee abbuuqate, afaaniin harma kee hodhee, barruu kee irraa nyaatee guddaate si hin dagatu.

Fuula 83 lakkoofsa 8 kana keessatti, Dhiigni dhiiga kee abbuuqate, afaaniin harma kee hodhee, barruu kee irraa nyaatee guddaate si hin dagatuun kun,dhugummaan isaa beekamaas beekamaa ta’uu dhiisisuus danda’a. ilmoon hadhaa ishee irratti yeroo guddattuu, harma haadha ishee irraa hootee harka nyaattee, sadarkaa itti aanuutti darbuun gara of danda’uutti dhufu jechuudha. Akka yaada barreessaatti garuu, oolmaan hjaati Taalilaaf ooltee ibsuun yaafda dhugaa yookiin soba jedhamu danda’u kanaan dhiyeesse.

Fuula 89 Oromoon waaqa kadhatee waaqarraa dhabee hin hin beeku.

Lakkoofsa 5 fuula 89 Oromoon waaqa kadhatee waaqarraa dhabee hin hin beeku kan jedhuu, kadhatees argachuu ni danda’a; kadhatees dhabuu waan dhbuu danda’uuf dhugaas ta’ee soba jechuun murteessuun waan nama rakkisuuf mitiyee ta’uu danda’a. akka yaada barreessaatti, rakkoo maatii aaddee Bashaatuuf yeroo hundumaa miidhamni, gaddi, bo’ichii waan isaan rakkiseef, Jobeessaan, utuun jiruu baanee waaqa kadhanna. Oromoon waaqa kadhatee waaqarraa dhabee hin hin beeku, anumayyuu waa arguuf na tursiise waaqni jedhee, Jaabeessaan ergaa isaa haala kanaan akka yaada isa ibsatee barreessan ibsuuf barreesse.

Fuula 91 … Dhugaa argee waaqaan ga’ee

Hiddi darbee lafaan ga'e

Fuula 91 kana keessatti jeekkarsa akkaa aadaa oronootti, kadhannaa jalqabaa xumuranii booda sagalee kadhataa jeekkarsaa jeekkaruuf garee lamatti gar gar qoodamanii wal jala qabanii kan jeekkaraniidha. Akka aadaa Oromtichaatti waaqa isaanii ni kadhatu, ni hirreeffatus. Barreessan asoosama isaa keessatti mata dubbiitti fayyadamee haala kadhataa aadaa Oromootiif kan isaan jedhan jeekkarsaan ibseera. Innis:-

Dhugaa argee waaqaan ga’ee, kan jedhu kun ittin jeekkaruuf malee dhugaa kan argee waaqaan ga’ee hin beekamu jiraachuus danda’a, dhibuus danda’a jechuudha.

Waluma galatti mata dubbii barreessaan gargaarame yammuu ilaalamu irra caalaatti akkasaaf mitihreetti kan gargaarameedha. Kanaas haala wal dogamsiisuun jechoota mimidhagoo fi ciccimoo barreessattin kan dhiyaataniidha. Kana keessatti akkaataa jechoonni himoota mala dubbiitiin dhiyaatan keessatti jechoota seenaa barreeffamichaaf ergaa irratti kan xiyyeeffataniidha. Akkaataa barreessaan jechoota mala dubbii keessatti itti gargaaramee yaadoota biroon wal fakkeessee dhiyeessuun ergaa barbaadame galmaan ga'uuf kan yaalameedha. darbee darbee jechoonni mala dubbii kana uumuuf barreessaan itti gargaarame gadii fageenyaan xiinxalliin bira gahaamaniiru.

**4.8 Fayyadama mammaaksootaa**

Mammaaksi ergaa kallattiin dabarsuu osoo hin taanee sadoommii adda addaa fayyadamuun gara alkallattiin ergaa dabarsa. "Mammaaksi miliqsoon kan dubbatamuufi hiika dhoksa kan of keessaa qabuudha" jechuun ibsama. asoosama "Qaroo Dhiiga Boosse" keessatti mammaaksi barreessaan dhimma itti bahe qabiyyee adda addaa qabaataniyyuu akkaataa hariiroo dhaamsa dabarsuu barbaadaniin akka armaan gadiitti taa'ani jiru.

**9**

Fuula 4, "ati faffatuma faffati hamman nyaadhuu anuu beekaa"

fuula 4 irratti obboo Liiban garaa isaanitti "ati faffatuma faffati hamman nyaadhuu anuu beekaa" yeroo garaa isaaniitti jedhan mammaaksatti dhimma bahun kutannoofi eejjennoon isaanii cimaa akka ta'e garaa isaaniitti mammaakuun ibsachuuf kan isaan yaadaniidha. barreessanis yaada kana cimsuun kitaaba isaa keessatti ergaa isaa ittiin dabarfate.

Fuula 5, "tokko hin tolleen budaa lakkuu deessi"

Aaddee Bashaatuun abba warraa isaaniif  ilmi isaanii yeroo poolisiidhaan miidhaan irra ga'u , akka poolisoonni sun dhiisaniif yeroo kadhattuu, "tokko hin tolleen budaa lakkuu deessi" ittiin jedhe. ilaalcha jibbaa abbaaf ilma irra qabu ibsate. kana jechuun kan isaaniiyyuu hin tolleeti ati immoo haasaa itti naaf dabaltaa? jedhee aaddee Bashaatuu mammaksaan qeeqe.

Fuula 26, "Adiin lama waliif lama"

yaadni mammaaksa fuula 26 ffaa irratti argamuu kun, obbo Liiban, obbo Dhugaasaafi obbo Caalaan du'aaf jireenya gidduu yeroo jiraanitti garaa garummaan isaan gidduu jiru obbo Caalaan du'aanii argamuu isaaniiti. Yeroo kana obbo Liibaniif obbo Dhugaasaan, yoo akka obbo Caalaa lubbuun hin baaneyyuu duuti itti dhiyoo jiraachuu isaati. Barreessan asoosamichaa taatee kana ibsuuf jecha mammaaksa , "Adiin lama waliif lama" jechuun yaadicha agarsiise. kun immoo inni lubbuun keessaa baateef kan lubbuun keessa jiru wal caala jechuu isaati.

Fuula 47 "Kan garaa garaatu beeka"

Talilaan qaama mootummaan yeroo hordofamaa ture miliqee gara Mooyaleetti yeroo deemu, konkoolataa inni ittiin imalu yeroo sakatta'amu, qaama sakatta'u sana keessa tokko Waldagorgiis ture. Wayita kana Taalilaan qoratamuuf waamame. yeroo kanatti "Kan garaa garaatu beeka" jechaa qoratamuuf waraqaa eenyuummaa isaa baasee itti agarsiise. Kun immoo icciti isa keessa jiru ofuma isaati akka qabatu kutannoo qabaachuu isaa agarsiisuuf jedheeti.

# BOQONNA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

## 5.1 Cuunfaa

Asoosama kana keessatti barreessan dhaamsa dubbistoota biraan gahachuuf ka'e galmaan kan isaaf gahu afaan inni fayyadamu akka ta'e yaadota hayyuuleen dhimma kana irratti barreessaan wabeeffachuun boqonnaa lama jalatti bal'inaan ibsameera. Barreessaan dhaamsi isaa dubbistoota biratti fudhatama akka argatuuf, dhimmoota hundaa caalaa xiyyeeffannoon isaa fayyadama afaanii ta'uu qaba. Sababiin isaa barreessaan afaan dubbistoota hawwatuufi aadaafi duudhaa sabichaa eeguutti hin fayyadamne taanaan hagamiyyuu ergaan asoosamichaa barbaachisaafi cimaa ta'uus, dubbisaan waan dubbisu nuffuufi jibbuufdhaamsi inni dabarfachuuf ka'e karatti jalaa gufachuun isaa hinoolu. Kana irraa ka'uun, qorataan qorannoo kana keessatti akka ilaaluu yaaleetti, barreessaan asoosamichaa, Mootii Mootummaa Abdii asoosama isaa ''Qaroo Dhiiga Boosse'' jedhu keessatti haala fayyadama afaanii inni dhimma itti bahe irratti xiyyeeffachuun kan qaaccesseedha.

Akka arman olitti ibsuuf yaalameetti haala barreessaan asoosama isaa keessatti afaan fayyadamee irratti hundaa'uun qaaccessii isaa adeemsifame. Kunis akkuma boqonnaa tokko jalatti ibsamuuf yaalametti kaayyoon qorannoo kanaa fayyadama afaanii qaaccessuu irratti kan xiyyeeffatuudha. Barreeffamni asoosamaa dubbistoota biratti fudhatama kan qabaatuu, yoo fayyadamni afaan isaa nama hawwateefi dubbistoota ofitti harkisuu danda'eedha. Sababiin isaa immoo asoosamni kan jiruuf jireenya hawaasaa guyyaa guyyaadhaan mudatu kan calaqqisiisufi kan ibsu waan ta'eefii inni jiruuf jireenya hawaasichaa ibsuu kun haala miidhagina qabuufi nama hawwatuun dhiyachuu yoo danda'eedha. Kana malees, asoosamni fayyadama afaanii hawwataafi mijataa qabu, akkuma ergaa cimaa dabarsuu danda'uu, qophii sirna barnootaafi kitaabilee barnootaa keessatti gahee guddaa waan qabuuf, gama kanaanis faayidaan inni kennuu salphaa miti. Gama biraatiin immoo, barreessitoonni asoosama kanarraa ka'uun haala gaariin fayyadama afaaniitti akka dhimma bahan gaheen inni taphatu guddaa ta'a. keessumattu haalli fayyadama afaanii barreeffamoota ogbarruu keessatti kanneen akka asoosamoota keessatti dhimma itti bahaman qophii kitaaboolee barnootaafi daree barnoota keessatti haalaan faayidaa irra yoo oolan barnoota kennamu qabatamaafi hawwataa taasisuu bira darbanii afaanichii ogbarruu barreeffamaatiin akka gabbatu gochuu keessatti shoora olaanaa qabaata. Kanumarratti hundaa'uun fayyadamni afaanii asoosama ''Qaroo Dhiiga Boosse'' jedhu keessattimul'atan kan ilaalamaan gama fayyadama dhamjechootaan, jechootaan,

jechamootaa, malleen dubbiifi mammaaksoota asoosamicha keessatti dhimma itti bahameen yommuu ta'uu kanneen asoosamicha keessatti asoosessaan ergaa isaa dabarfachuuf hagam akka inni dhimma itti baheefi xiyyeeffannoon fayyadama afaanii asoosamicha keessatti argaman kamfaa akka ta'an boqonnaa afur jalatti qaacceffame jira.

Waluma galatti, fayyadamni afaanii asoosama ''Qaroo Dhiiga Boosse'' keessatti dhimma itti bahame dubbistoonni haala qabatamaa amma biyyattii keessatti argamu maal akka ta'e irraa hubachuuf, barreessitoonni malli fayyadama afaanii asoosamichaa gaarii waan ta'eef fakkeenya godhachuuf, barreessitoota afaaniif barnoota daree keessatti guyyaa guyyaadhan kennamu qabatamaafi hawwataa akka ta'u gochuuf gumaachi inni kennu salphaa miti. Kana malees, qabiyyeen kitaabichaa irra caalaan hacuuccaa saba oromoo irratti gahaa turee, ergaa dabarsuu irratti kan xiyyeeffate waan ta'eef, gama siyasaatiin faayidaan inni xinxaltoota siyaasaatiif kennu kan akka salphaatti ilaalamu miti.

## 5.2 Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa fayyadama afaanii asoosama mata dureen isaa ''Qaroo Dhiiga Boosse'' jedhu keessatti argaman sakatta'uufi qaaccessuu yoo ta'u, qorataaniis odeeffannoowwan asoosamicha keessaa funaanuun kallatti adda addaatiin erga qaaccessee booda argannoowwan arman gadii kaa'era.

- Asoosama kana keessatti barreessan jechoota ergisaa kan Afaan Amaaraa irra ergifatee dhimma itti baheera. Kunis xiinxala ragaalee keessatti dhiyaatee jira. Haaluma kanaan jechoonni faallaa walii ta'an asoosama kana keesaatti ni argamu.Akkasumas jechamoonni as keessatti qaacceffamanii jiru.
- Barreessan asoosama kanaa dhaamjechoota hortee, murteessituu, koorniyaa, xiyyeeffannoo agarsiisanitti dhimma baheera.
- Malleen dubbii garaagaragaa asoosama kana keessatti argaman wantoota hawaasa keessatti argaman agarsiisuuf oolanii jiru. Isaanis, nameessa, akkasaa, arbeessa, mitihee, habalakafi bakkasaafaatti gargaarameera. Akkasumas mammaksota garaagaratti dhimma baheera.

### 5.3 Yaboo

- Fayyadamni afaanii asoosama keessatti dandeetti dubbistootaafi barreessitootaa cimsuu, akkasumas, kitaaba barnootaa keessatti illee gahee baruufi barsiisuuf akka oolu gochuudha.
- Barreessaan asoosamaa qubeessuufi sirna tuqaalee fayyadamuu irratti xiyyeeffannaa osoo kenne gaariidha.
- Fayyadamnii afaanii asoosamicha keessatti dhimma itti bahame dandeetti dubbistootaa gabbisuu bira darbee kitaaboolee barnootaa keessatti yoo hammataman baruuf barsiisuu waan mijeessaniif osoo dhimma itti bahamee.
- Fayyadamni afaaniiasoosessaan dhimma itti bahe ergaa darbu irratti faayidaan isaan qaban olaanaa waan ta'eef, barreessitoonni biroof dubbistoonni muuxannoo jiruuf jireenyaa waliif qooduun gahee guddaa waan qabuuf osoo xiyyeeffannaan kennameefi bu'a qaba.
- Barreessitoonni ogbarruu barreeffama afaan oromoo haala fayyadama afaanii sirnaan barreeffama isaanii keessatti osoo bal'inaan dhimma itti bahanii, dubbistoota hawwachuuf faayidaa olaanaa waan qabuuf osoo ogeessoonni gama kanan jiran itti yaadanii bu'aa gaarii qaba.
- Qorannoon fayyadama afaanii ogbarruu barreeffamaa Afaan oromoo irratti godhamu osoo bal'inaan adeemsifame barreessitoonni Ogbarruu afaanichaa faayidaa guddaa waan irraa argataniif osoo ittixiyyeeffatame bu'aa guddaa ni qabaata.

**Wabiilee**

Abarraa Nafaafi kanneen .(1992). Afoola Oromoo: *Hiiphoo.* Finfinnee: Biraanina Salaam.

Addunyaa Barkeessaa .(2014). *Seemmoo*: Far East Trading Plc.

_________________ .(2016). *Seemmoo*: Bu'uura Barnoota Afaaniif Afoola Oromoo. Far East Trading Plc.

Asafa Tafara .(2009). *Eelaa* . Seenaa Oguma Oromoo: Far East Trading Plc.

Baxter .P.T.W. (1996). *Being and Becoming oromo*. Historical and Antropological Enquires. Asmara: The Red Sea Press.

Beekan Gulummaa .(2015). *Tuujuba*. Finfinnee : Oromiyaa, Elleni P.P.PL.

Brumfit C.Jfi Carter .(1996). *Literature in Language Teaching*. London: oxford.

Clark, H .(1996). *Using Language*. Cambrige : Cambrige University Press.

Crystal .D .(1987). *The Cambriges Enclopedia of Language*. Cambrige University Press.

Encylopidia of America, .(1985). *Volume II* University of Chicango Press.

Fedhasaa Taaddasaa .(2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee. Dhabbata Maxxansaa Subi Printing Press.

Girmaafi Kaawwan .(2013). *Ogbarruu Afaan Oromoo*. Yunivarsiiti Jimmaa. Moojula Barnoota Fagootiif Qophaa'ee (Kan hin maxxanfamne). Jimmaa.

Horcourt, Brace and C .(1994). *Harbace Collage Hand Book* (12t Edition) Orland. Florida.

Isaaq Bariisoo .(2009). *''Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaaloo Mootii Qubeefi Kumee Kumatamaa''*. Digrii jalqabaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan dhiyaate. (Kan hin maxxanfamne)

Jaalalli Hayluu .(Waxabajjii, 2002). *''Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama ''YAADANI''*

Kebede Hordofa .(2009). *To wards Genetic classification of the Afan Oromo*. Dialect (Unpublished PHD Dissertation). The University of OsLo: Sweden.

Melakneh Mengistu .(2006). *Fundamentals of literature*. Addis Ababa: Addis Ababa University.

Miller R. and Green berg R.A .(1991). *Poetory an Introduction*. New York by MC.

Shaw .H .(1972). *Dictionary of litareture terms*. New York: MC Grawn Hill Book Company. Harvard University Press.

Wolff, E .(2000). *''Language and societ''.* In Heine, B and Nurse, D .(eds) African Languages: an introduction. Cambridge University Press.

## Dabalee A
## Himoota malleen dubbii Akkasaa ofkeessaa qaban

Malleen dubbii asoosama ‘Qaroo Dhiiga Boosse’ jedhu keessatti barreessan asoosamichaa ergaa qabiyyeewwan garaa garaa ittiin dabarfachuuf asoosamicha keessatti dhimma itti bahe fuulafii himoota keessatti argaman waliin gaditi barreeffamanii jiru.

| | |
|---|---|
| Fuula | Himoota Akkasaa ofkeessaa qaban |
| 30 | Muka fannoo irratti akka korma sangaa gadoodu ture. |
| 32 | Akka dhalasheettis hayyoonkee si deesse. |
| 33 | Duuti haaraa miti<br>Akka keettan du’a. |
| 39 | Akka toora goondaatti hiriira qabatanii dhaabatu. |
| 40 | ‘‘…karaa duraan awwaara qilleensarraa kaasaa yeroo utaalan…<br>gara daraaratti balali’aa jirtu fakkaatu. |
| 42 | Daaraan isa immoo daaraa masqalaa fakkaata. |
| 45 | Yeroo harka isaa lamaaniin bishaanichaa jalatti cicciiru waan<br>bukoo qamadii buukeessaa jiruu fakkaata. |
| 48 | Nama yabaloo yabaluuf qohaa’e isatti fakkaate. |
| 49 | Ummata oromoo irreeffannaaf hora Asaditti walitti qabame fakkaata. |
| 51 | Wanta lubbuun namootaa gad-bu’ee isaan fixe fakkaata. |
| 61 | Imimmaan akka carraqaa fuula isaa irra gadi dhangala’uu<br>irraa haxoofte. |
| 64 | Mar’ummaan isaa akka ramacii abidda jalaa xaph gadhee isa waadee gube. |
| 65 | Oromoon ilma babbareedaafi isa siiqqee mootii fakkaatu qaba. |
| 67 | Ilkaanshee, foon ilkaanii tiruu fakkaatan haguugamee miidhaga. |
| 70 | Gara biyya ambaatti akka billaachaa waqxii birraa huursanii<br>yeroo godaanaan, kun hamma yoomitti jeedhanii wal gaafatu. |
| 88 | Sagalee haaraa human dadhabaan akka gogorii karaa eegaa jiru. |

## Dabalee B
## Himoota mala dubbii Habalaka ofkeessaa qaban

Malleen dubbii asoosama ‘Qaroo Dhiiga Boosse’ jedhu keessatti barreessaan asoosamichaa ergaawwan garaa garaa asoosamicha keessaa ittiin dabarfachuuf dhimma itti baheera. Isaan kunis fuulafi himoota keessatti argaman waliin armaan gaditti argamu.

| Fuula | Himoota Habalaka ofkeessa qaban |
|---|---|
| 63 | Dhibee taayifooyidiif busaan qabamee boolla du’aa seenee ba’e. |
| 64 | Taliilatti lafatu galagale. |

**Dabalee C**

Himoota mata dubbii iddeessa ofkeessaa qaban

Malleen dubbii iddeessa asoosama ‘Qaroo Dhiiga Boosse’ keessatti barreessaan a

soosamichaa baay’inan itti fayyadamuu baatus, hamma murta’aa ta’anitti fayyadamee ergawwan ittiin dabarfateera.

| Fuula | Himoota iddeessaa ofkeessaa qaban |
|---|---|
| 32 | Caalaa garaa sibiilaa |
| 73 | Gammachuun isaanii gaddaan booji’ame. |
| 83 | Namummaa dhiiftee bineensummaa bosonatti galuun ishee dhaaf gutuummaa biyya isheef abdiidha. |

## Dabalee D
## Himoota mala dubbii nameessan ibsaman

Malleen dubbii nameessaa asoosama ‘Qaroo Dhiiga Boosse’ jedhu keessatti barreessaan asoosamichaa ergaawwan qabiyyee garaa garaa ofkeessaa ofkeessaa qaban ittiin dabarfachuuf dhimma itti bahe fuulafi himoota keessatti argaman waliin kana gadiitti tarreeffamanii argamu.

| Fuula | Himoota nameessaa ofkeessaa qaban |
| --- | --- |
| 32 | Ofii keetiif dhaqxee dachee keessa ciifte |
| 34 | Eenyummaaf du’uunis |
| | Seenaadhaaf maqaadha. |
| | Du’a keetif garuu |
| | Dukanni ragaadha. |
| 53 | …garaa isaa keessatti kolfa. |
| 59 | …yaadaan jooraa oole. |
| 63 | Qilleensa gammachiisaaf qabana’aa shaf shaf jedhuun kaadhima |
| | Isaa wajjin turee hundatu galaa ta’eefi isa jiraachisaa jira. |
| 69 | Mana dhaabbadhaa jettee abba warraa abiddatti heerumte. |
| 79 | Haalotni qoma isa qabuu danda’aan baay’een isaanii isa |
| | dura dhaabbatan. |
| --- | Hamileen isaanii ‘ni dhufa’ yaada jedhuu qofaan hogganamee jira. |

## Dabalee E
## Himoota malleen dubbii arbeessuu ofkeessaa qaban

Malleen dubbii arbeessaa asoosama 'Qaroo Dhiiga Boosse' jedhu keessatti barreessaan asoosamichaa ergaawwan qabiyyee garaa garaa ofkeessaa qaban ittiin dabarfachuuf dhimma itti bahe fuulafi himoota keessatti argaman waliin armaan gaditti tarreeffamanii argamu.

| Fuula | Himoota arbeessuu ofkeessaa qaban |
|---|---|
| 60 | Inni kun immoo xannacha imimmaan isaa tarsaase. |
| 61 | Jaalala inni isheef qabu mar'ummaan isaa keessatti dhangala'uu eegaleera. |
| 62 | Garba jaalalaa isaaf taatee yaadaan gidirfamaa oolti. |
| 63 | Garaan nadhii jaalalaa Bilisee abbuuqqate, mar'ummaan guntuta biliseetiin sukumamee bulla'eefi onneen garaa jaalalaatin waraanamee mada'ee, madaa kulkulaa baatee utuu jooruu, utuu karaa eeguu, waggaa lama fixeera. |
| 64 | Fuuncaa jalqabaa isa isaafi bilisee giddu jiruu, isa cite suphuu hindandeenye. |
| 67 | Qaroon ijashee suuta jettee yeroo nama ilaaltu kutaa onnee dargaggeessaa huree seena. |
| 73 | Mammaaksan nama gammachiisee dabarfata, ergaa keessaa dhangaalasa. |
| 78 | Jaalala walqabsiisanii galaana jaalala daakuu yabaluu eegalaniiru. |
| 83 | Mar'ummaan keenya mada'ee, bo'ichii ija keenya nu jaamseera. |
| __ | Jiruuf jireenya gabrummaatu gargar nu tamsaase tiruukoo |
| __ | Dhiigni dhiigakee habbuuqqate afaaniin harmakee hodhee, barruu keerraa nyaatee guddate si hin dagatu. |
| 84 | Imimmaan qaroo keenya keessaa qoorsee dhiiga keenya cuunfachiisaa jira. |
| 86 | Afuura keessaa gubatee ba'u, yaada nama godaansise. |

**Dabalee F**

**Himoota mala dubbii Eemitii ofkeessaa qaban**

Malleen dubbii Eemitiin kun jechoota eeyyefi miti kan jedhurraa kan argamuudha. Asoosama kana keessatti barreessaan asoosamichaa ergaa qabiyyeewwan garaagaraa ittin dabarfachuuf asoosama isaa keessatti baay'inaan itti fayyadameera.

| Fuula | Himoota Eemitii ofkeessa qaban |
|---|---|
| 26 | Har'aa garuu hammam akka deeme hin beeku. |
| 28 | Bakki dhabbatan dhibeera. |
| __ | Aduun gubbee namaa irra ooltetti. |
| 30 | Sabaafi sablammii wajjiin wal_haadhabu jedhee hin beeku. |
| __ | Mil'uu hawwiin guuteen utuu karaa eeguu hafe. |
| 33 | Wadaroon si hidhee<br>Harki si fannisee<br>Madaan mar'ummaankee<br>Waraana bal'isee<br>Balbala manakee<br>Cufatti hambise. |
| 41 | Nama 24 immoo qaama isaanii erga miidhee du'aafi jireenya gidduu isaan galche. |
| 43 | Jireenyi inni keessa jiruu isaaf abjuudha. |
| 60 | Du'uufi jiraachuu Taaliilayyuu wan beekan hin qaban. |
| 89 | Rakkataan har'a boru badhaadhaadha. |

## Dabalee G

## Jechamootafi Mammaaksota asoosamicha keessaa bahan.

| Fuula | Himoota jechamoota ofkeessa qaban |
|---|---|
| 27 | Gurra qeensuu eegalan |
| 38 | Muka qabatuu dhabe |
| 41 | Afaan gogsaa… |
| 49 | Wal ga'aanii huursan |
| 50 | Harka lafa jalaan |
| 53 | …garaa hin kutanne. |
| 59 | Quba wal hin qabdu. |
| 62 | Alala guuruu… |
| 85 | Faana gara manaa seenan |

| **Fuula** | **Mammaksoota asoosamicha keessatti argaman** |
|---|---|
| 7 | "Ijoolleeniif gabaan ganama waccee guyyaa wacatti" |
| 35 | "Waraabessa keessaa fira hin dhabin" |

**Waraqaa mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaan koofi mallattoon koo armaan gadiitti eerame, qorannoon kun hojii dhuunfaakoo ta'uu isaa ibsaa kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hin hojjeetamne ta'uu isaafi wabiileen waraqaa qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een wabii keessatti kaa'uukoo nan mirkaneessa.

Maqaa qorataa________________________________

Mallattoo______________________________

Guyyaa_________________________

Maqaa gorsaa_________________________________

Mallattoo____________________________________

Guyyaa_________________________